KAN BIRAATTI DABARSUU

Sochii Hoggansummaa Kiristoosiin Giddu-galeessa Godhateef Bu'uura Kan Ta'u

Jijjiirama dhuunfaaf, jijjiirama dhaabbataa, fi Babal'ina tajaajilaatiif geggessitoota dudhaalee Macaafa qulqulluutiin, tarsiimoo, fi hoji-maataan qaruu/hidhachiisuu

MentorLink INTERNATIONAL

www.mentorlink.org

Baafata

Kutaa 1 - Barbaachisummaa Hoggantoota Kiristoosiin Giddu-galeessa godhatan Qopheessuu

- Fedhiin Waldaa Kiristaanaa Cimaa ta'uu isaa 1
- Gorsaa/leenjisaa jechuun maal jechuu dha? 2
- Hiika Gorsaa/leenjisaa Haaromsaa 3

Kutaa 2 - Hoggantoota Kiristoosiin Giddu-galeessa godhatan Qopheessuu keessatti Dhimmoota Ijoo/murteessoo

- Geddaramsa Dudhaalee Jijjiiramaa..... 4
- Geddaramsa Dudhaa #1: Mootummaa Waaqayyoo Ijaaruu 5
- Geddaramsa Dudhaa #2: Dirree Ayyaanaa..... .8
- Geddaramsa Dudhaa #3: Hoggansummaa Gad of-deebisuu.....11
- Geddaramsa Dudhaa #4: Tokkoomuua fi Waliin ta'uu..... 14
- Geddaramsa Dudhaa #5: Karooraan Geggeessitoota Baay'isuu..... 17

Kutaa 3 - Hoggantoota Kiristoosiin Giddu-galeessa godhatan Qopheessuu keessatti Oogummaa barbaachisu

- Seenaa Ofii keetii dubbachuu..... 20
- Oogummaa Gorsa/Gorsa Haaromsaa 21

Kutaa 4 - Hoggantoota Kiristoosiin Giddu-galeessa godhatan Qopheessuudhaaf Sochii Taasisuu

- Sochii Waaqayyo Macaafa qulqulluu keessatti taasisee fi Sochii Bara kanaa ... 24
- Meeshaa "Laphee -1-2-3' 25
- Gulantaa Eegaluudhaaf Barbaachisu 26
- Karoora Raawwii 27

Wantoota Dabalataa

- Wantoota akka dhuunfaa fi gareetti barbaachisan kan MentorLink..... 29

Dhagna Kiristoos keessatti isin tajaajiluu keenya akka carraatti lakkaawwanna. Maanu'aaliin/meeshaan leenjii *Kan Biraatti Dabarsuu* (Paasing It On) kun karaa namoota hedduu kan qophaa'ee fi biyyoota Addunyaa irra jiran hedduu keessatti kan ilaalamee dha. Dudhaalee kunneen kunneenitti hirmaachuu fi itti dhimma ba'uun keessan tajaajila hooggansummaa keenya caalatti ni gabbisa jennee yaadna.

Laphee jireenyaa fi meehsaa keenyaan isin tajaajiluutiin gara keessan dhufne. Kadhatnii fi ergamni keenya hawaasni amantootaa marti hoggantoota milkaa'oo kiristoosiin giddu-galeessa godhate akka qabaatan, akkasumas hoggantootni marti Gorsaa/gorsaa bu'a qabeessaa akka Kiristoos akka qabatanii dha. Biyya keessanii fi addunyaa keessatti sochiin hoggansa Kiristoosiin fakkaatu qopheessuu hundeerraa ta'e itti yaadamee akka tasaa isin gidduutti akka mul'atuuf kadhata keenya.

Sinii fi Isa waliin Tajaajuluu! Garee MentorLink

© 2019. All Rights Reserved. *Maanu'aalii 'Kan Biraatti Dabarsuu! Kana utuu yaada isaa hin jijjiirin itti fayyadamuun heyyamamaa dha. Maanu'aaliin kun dabarsanii gurguruudhaaf kan qophaa'e miti.*
MentorLink International, PO Box 80506, Raleigh, NC 27623-0506, USA (off. +919-841-5806) www.mentorlink.org

Kutaa 1 – Barbaachisummaa Hoggantoota Kiristoosiin giddu-galeessa godhatan qopheessuu

Fedhii Waldaa Kiristaanaa isa Cimaa

Ergama keenya: Akka Kiristoositti akka hogganaaniif hoggantoota qopheessuu.

Mul'ata Keenya: Gorsaa/leenjisaa bu'a qabeessa Kiristoosiin giddu-galeessa godhate Tokkoomuu amantootaa maraaf, hoggantoota bu'a qabeeyyii, fi hoggantoota hundaaf.



The Growing Leadership Shortfall= Hir'ina Hoggansa Xiqqaachaa adeemuu

Shortfall= Xiqqaachaa adeemuu

- **Akka Yesuusitti hogganuu – Hoggansa "Keessaa gara alaatti"**
  - ✓ Hojjetaa gad of-deebiseef waamicha
  - ✓ Dhimma amalaa fi Laphee irratti Xiyyeeffachuu
- **Bu'aa/frii – Sochii Mootummaatiif Guddina Hoggantoota Mootummaa**
  - ✓ *Isa Caalu* Hoggantoota keessatti arguu
  - ✓ *Lakkoobsa* hoggantootaa Caalaa

Gara "jijjiirama "transformational encounter." Baga nagaan dhuftan. Guyyoota nuti waliin guddachuudhaaf walitti qabamnu hunda keessatti Waaqayyo guutummaatti akka nu gidduutti argamuuf kadhachaa jirra. Wal-argee kana keessatti, wayita qayyabachuu, waliin-dudubbachuu, fi waliin kadhachuu keessatti kanan keessatti gareen keessan ga'ee guddaa taphachuudhaaf barbaachisaa dha.

© 2019 MentorLink International

1. Jireenya keessan keessatti nama hafuuraa barbaachisaa ta’e argattanii beektuu? Attamittiin isaan ibsuu dandeessu? Waan hojjetan maal qabu turan?

2. Leenjii kana keessatti argamuu keetiin maalinn baradha/argadha jettee abdatta?

© 2019 MentorLink International

Gorsaa/Leenjisaa jechuun maal jechuu dha?

Gorsaa/Leenjisaa Macaafni qulqulluun Kaa'u

Kutaalee itti fufanii jiran kunneen dubbisuudhaan waa'ee isaa dudubbachuudhaaf yeroo fudhadhaa.

- Yoh 13:5-15
- Yoh 15:13-16
- Ho. Erg 11:21-26
- Ho. Erg 18:24-27
- 2 Xim 3:10-15
- 2 Xim 2:1-2

Gaaffilee itti fufanii jiran irratti hundaa'uudhaan kutaalee kennaman keessaa waa'ee Gorsaa/Leenjisaa yaada keessan barreessaa:

1. Amalli Gorsaa/leenjisaa bu'a qabeessa ta'e tokkoo maalfaa dha?

2. Gorsaan/Leenjisaan hojii leenjisu keessatti maal hojjeta?

3. Bu'aan leenjii kanaa maalii dha?

© 2019 MentorLink International

Hiika Gorsaa/Leenjisaa Haaromsaa

Gorsaa/Leenjisaa jijjiiramaa jechuun …nama namni tokko isa Waaqayyo barbaadu akka ta'uu fi isa Waaqayyo isarraa barbaadu hunda akka hojjetuuf meeshaa Waaqayyoo ta'uudhaan fedhii/kaka'umsa isaatiin adeemsa jireenya namaa keessatti qooda fudhachuudhaan gargaruu dha.

1. **Kaka'umsa fedhii** – adeemsa fedhii ofiitiin …

   ☐ Yaada Waaqayyoo kadhachuudhaan hariiroo hojii barsiisuu/leenjisuu itti fufuu

   ☐ Waan Waaqayyo anaaf kenne warra kaaniin ga'uudhaaf sammuu "Kan biraatti dabarsuu" jedhu qabaachuu

   ☐ Barsiisuuf/leenjisuudhaaf yeroo argachuudhaaf sagantaa koo duraa fi duubaan sirreessuu

   ☐ Warra Gorsanii fi baratan (leenjisanii fi leenji'an) adda baasuu

   ☐ Kaayyoo barsiisuuf/leenjisuuf jecha itti yaaduudhaan hariiroo uumuu

2. **Adeemsa jireenya nama tokkoo keessa lixuu** – adeemsa hariiroo …

   ☐ Hariiroon keenya akka hundee qabaatuu fi laphee/yaada isaanii argachuudhaaf Waaqayyoon oogummaa kadhachuu ti

   ☐ Haala dhaabbataa ta'een yeroo wal-argee waliin qabaachuu

   ☐ Adeemsa jireenya isaanii keessatti hirmaachuudhaaf akka iyyaman taasisuudhaaf, nu amanuu akka danda'an taasisuu

   ☐ Namootni kan biroon gara walitti dhufeenya (michummaa) cimaa ta'eetti akka dhufaniif waa'ee jireenyaa fi seenaa kootii bifa gaarii ta'een itti himuu

   ☐ Sirriitti yaada namoota warra kaanii baruudhaaf isaan dhaggeeffachuu

   ☐ Kallatti (karaa Waaqayyoo, Maatii, horii, tajaajila, fi kkf) itti guddinni isa/ishee barbaachisu adda baafachuudhaaf jireenya barataa/leenji'aa sanaa isa ijoo adda basuudhaaf caqasuu

3. **Gargaaruudhaaf meeshaa Waaqayyoo <u>ta'uu</u>**– adeemsa fakeenyummaa…

   ☐ Hafuurri Waaqayyoo humnaan ana keessa akka jiraatuuf kadhachuu

   ☐ Akka duuka-buutuu Kiristoositti barumsaa fi guddina jireenya guutuuf fakkeenyummaa qabachuu

   ☐ Waa'ee guddina kootii, dhimma ofii kootii, fi wal-dhaansii jireenya kootii dhoksuu dhiisuudhaan leenjifamtoota/barattootaaf amanamaa ta'uu

   ☐ Gumaacha ani namoota kan biraaf taasisuuf yeroo hunda gad of-deebisuu fi dhugaa ta'uu

   ☐ Namoota kan biro jireenya barattootaa keessatti waa hojjechuu danda'an waliin hariiroo qabaachuu

   ☐ Hariiroo keenya keessatti qooda ilaalcha namoota to'achuu laphee hojjetaa ta'uu qabaachuu

4. **Waan Waaqayyo akka namni sun ta'uu barbaadu hunda akka ta'uu fi waan isarraa barbadamu hunda akka hojjetuuf gargaaruu**– adeemsa haaromsaa/jijiiramaa …

   ☐ Akka Waaqayyo jireenya isaanii keessatti ofii isaa fi waamicha isaa mul'isuuf kadhachuu

   ☐ Gaaffilee ciccimoo yaada isaanii akka isaan kennanii fi akka of-ilaalaniif isaan kakaasu gaafachuu

   ☐ Toora gaarii Karaa guddinaaf dhimma baasu irratti isaan jajjabeessuu

   ☐ Seenaa ofii isaanii walii-walii isaanii fi warra kaanitti akka himaniif hirmaachisuu

   ☐ Waamichaa fi waan Waaqayyo isaaniif kenne(kennaawwan, dandeettii, ba'aa...) adda baafatanii akka of-keessatti guddisaniif gargaaruu

© 2019 MentorLink International

- ☐ Isa jireenya isaanii keessaa waamicha Waaqayyoo danqee fi isa isaan itti guddachuu qaban akka adda baafataniif gargaaruu
- ☐ Guddina dhuunfaaf akka ta'utti waliin kadhachuu, waaqeffachuu, fi caaffata qulqullaa'aa waliin qayyabachuu
- ☐ Guddina dhuunfaa keenyaatiif warreen kaan waliin hariiroo uumuu
- ☐ Itti gaafatamummaa sirrii isaaniif kennuu
- ☐ Namni sun dandeettii koo bira darbee akka guddatuuf gad dhiisuu(mirga kennuufii)
- ☐ Akka isaan Gorsanii fi kan isaan fakkaatan oomichaniif isaan toosisuu

© 2019 MentorLink International

Kutaa 2 – Hoggansaa Kiristoosiin Giddu-galeessa Godhate Qopheessuu keessatti Dhimmoota Murteessoo

“Kufaatii” Hafuuraa Keenya

Hundumti keenya uumamaan *sirna kufaatii hafuuraa* isa Macaafni qulqulluun “nama foonii” jedhu qabna. Nama foonii inni jedhu yaada keenya isa moofaa fi amala namummaa kufee of-keessatti qabatee namummaa/dhagna keenya isa mul’ataa kan argisiisuu dha.

Foonii fi Hafuura

Namni tokko wayita lammaffaa dhalatutti, jijjiiramni haaraan guutummaatti ta’uu ni danda’a. Hafuura qulqulluu keessatti namummaa haaraa fi qabeenya haaraa qabna. Garuu immoo Hafuura qulqulluu (Gal 5:16-25; Rom 8:1-13) irratti yoo hirkachuu dhiifne “eenyummaan keenya inni kufaan” ofii isaa mul’isa.

Hoggansa Foonii

Aadaa, afaan yookaan dhaabbata amantii irraa kan hafe, hoggantootni kiristaana ta’an akka hoggantoota warra biyya lafaa yaada wal-fakkaataa ni qabaatu: to’annaa, aangoo, of-tuulummaa, anummaa, fi kanneen biroo. Hogganaan akka Yesuusitti hogganu humna Hafuura qulqulluun geggeeffamuudhaan dudhaalee jijjiiramaa inni kennu keessa jiraachuudhaan Kiristoosiin duukaa bu’a.

Jijjiiramuu Dudhaalee Haaromsaa

Dudhaalee hoggansaa dagachuu fi hojii foonii		Dudhaalee hoggansaa hordofuu fi hojii Hafuuraa
Milkaa’ummaa Dhuunfaa mijeeffachuu Akka waan Waaqayyo jalqabatti karaa koo, tajaajila, yookaan dhaabbata kootii qofaan hojjetuutti amanuu fi yaaduu; akka waan kiriristaanotni warra kaan baay’ee barbaachisummaa hin qabnetti yaaduu fi amanuu	→	**Mootummaa Waaqayyoo Ijaaruu** Hubannaa dhuunfaa fi walii-galaa waa’ee mootummaa Waaqayyoo fi ilaalcha ulfina Kiristoosii fi mootummaan isaa addunyaa guutuutti akka beekamu qabaachuu.
Bakka to’annaan itti baay’atu Haala to’annaan itti baay’atu/raawwii irratti kan xiyyeeffatu kan llaalcha hamaa, waliin dorgomuu, qajeelummaa ofiin of-jajauu fiduu danda’u keessa jiraachuu fi keessatti hogganuu.	→	**Bakka Ayyaanaa** Hoggansa hojii Kiristoos isa dhumataa keessatti hojjetu; jaalaa fi namaaf banaa ta’uu fi gad of-deebisuudhaan jiraachuu fi hogganuu; wal simachuu, waliif dhiisuu, amanamummaa, fi itti gaafatamummaa jaalalaan warra kaanitti dhihaachuu.
Hoggansa Aangoo Irratti hundaa’e Karaa taayitaa, aangoo, fi dhiibbaa siyaasaa qofaan gaggeessuu; heddumminaan taayitaa irratti hirkachuun akka malee hogganuu; warra kaan aangessuu keessatti amantummaa dhabuu.	→	**Gaggeessaa Hojjetaa** Hariiroo dhugaa ta’een, amanamummaa, fi tajaajiluudhaan hogganuu fi nama mo’achuu; fedhii warra kaanii guutuudhaaf of-kennuudhaa fi akka isaan milkaa’aniif aangessuu.
Ofittummaa fi anuma qophaatu beekaa Itti gaafatamummaa hoggansaa karaa hundaa irratti akka dhuunfaatti ga’aa ta’uu yaaluu; akka hogganaa hariiroo hin qabnee fi hojiin itti ulfaateetti jiraachuu; akka qaama tokkootti waliin hojjechuuf ulfaataa ta’uu.	→	**Waliin Ta’uu fi Tokkoomuu** Akka qaama garee isa hojii Waaqayyoo waliin hojjechuudhaaf walitti dhufeetti hogganuu; karaa hariiroo mo’achuu, itti gaafatamummaa waaliinii, ga’ee walii kennuu, fi warra kaan aangessuu
Hoggantoota biroo akka tasaa	→	**Itti Yaaduudhaan Hoggantoota**

© 2019 MentorLink International

Dabalachuu Lakkoobsi hoggantootaa xiqqaa fi hin barbaachisnee sirna seeraawaa ta'e irrata kan dhufuu dha. Kun lakkoobsa (lakkoobsa fi bu'aa mul'ataa) irratti xiyyeeffachuu irratti kan hundaa'ee dha.		**Dabalachuu** Karaa Gorsa warra kennaa qabanii, fi hoggantoota warra mootummaa Waaqayyoo tarsiimoodhaan gad of-deebisuudhaan babal'isuudhaaf yaadni garaa isaanii fedhii qabu baay'ifachuudhaan guddina hoggansaa heddummeessuu (kun lakkoobsa baay'isuu qofa utuu hin taanee qulqullina hoggansaas qaba).

Yesuus garuu gara isaatti isaan waamee, "warri saba biyya lafaa kanaa abbooman gooftummaadhaan akka isaan seerratan isiniyyuu ni beektu; gurguddootni isaaniis aboo isaanii isaanitti ni argisiisu. Isin gidduutti akkas hin ta'u…" – Mat. 20:25-26

© 2019 MentorLink International

Geddaramuu Dudhaa #1:

Milkaa'ummaa Ofii Ijaarachuu irraa gara Mootummaa Waaqayyoo Ijaaruutti

"…Duraan dursaatii mootummaa fi qajeelummaa isaa barbaadaa, isaan kun hundumtuu isiniif ni kennamu."
– Mat. 6:33

Hogganaan Yesuus Kiristoosiin haara'e isa … xiyyeeffannaan isaa-milkaa'ummaa dhuunfaa ijaarrachuu-ofii isaa, tajaajila isaa, yookaan dhaabbata ofii isaa beeksisuu irraa gara-mootummaa Waaqayyoo ijaaruu-ulfina Kiristoos barbaaduu fi kallattii jireenyaan, tajaajilaa, fi aadaa isaatiin mootummaa Waaqayyoo beeksisuutti isa jijjiiramee dha.

"Bulchiinsa Mataa-ofii Ijaarrachuu"

Kakuu Haaraa keessaa yaada tokko ilaaluu:

Diyotreefes

Hogganaa mootummaa Waaqayyoo utuu hin taanee mootummaa mataa isaatii ijaarrate.

Ani waldaa kiristaanaatiif waan tokko caafeera; Diyotreefes inni geggeessituu ta'uu barbaadu immoo nu hin dhaga'u. Egaa yoon dhufe, waan inni hojjetuu fi isa inni dubbii hundee hin qabneen maqaa keenya balleessu hundumaa nan kaasa; kunumtuu isa gahuu didnaan, ofii isaatii obboloota warra diidaa dhufan dhaga'uu dide; warra obboloota kana dhaga'uu barbaadan immoo dhowwee, waldaa kiristaanaa keessaa ni baasa.

Yaa michuu ko! Waan hamaa hin akkeessin waan gaarii akkeessi malee.

– 3Yoh 9-11

- Diyotreefes maaliif dheekkamame? (9-10)
- Waa'ee yaada hamaa kanaa Yohaannis maal akeekkachiisaa jira? (11)

"Mootummaa Ijaaruu"

Ani waa'ee keessan dhaga'ee garaan koo akka gammaduuf, dafee Ximotweosiin gara keessanitti erguuf nan abdadha. Ani nama akka kootti garaa qulqulluudhaan waa'ee keessaniif yaadu isa malee hin qabu. Warri kaan hundinuu waan Yesuus Kiristoositti tolu utuu hin ta'in waan ofii isaaniitti toluuf ni dhimmu. Ximotewos nama dhimma baase ta'uu isaa garuu akka ilmi abbaa isaaf hojjetuutti anaaf hojjetee anaa wajjinis hojii wangeelaa hojjechaa akka ture isinis ni beektu.

– Fil 2:19-22

Kakuu Haaraa keessaa yaada tokko ilaaluu:

Ximotewos

Geggeessaa mootummaa ofii isaatii utuu hin taanee mootummaa Waaqayyoo ijaaru.

© 2019 MentorLink International

- Ximotewos maal ajajamee ture? (19-21)

- Waa'ee yaada qajeelaa kanaa gammachuun Phaawuloos maal ture? (22)

Akkaataa Itti Geggeessaa Mootummaa Waaqayyoof ta'u itti Gorsan/Leenjisan

Phexiros karaa Yesuus fo'amuudhaan mootummaa Waaqayyoo ijaaruu keessatti bakki addaa isaaf kenname. Sana jechuun garuu, Phexiros kana booda Gooftaa, fayyisaa, fi Gorsaa isaa Yesuus Kiristoos irraa jajjabina, itti gaafatamummaa, fi qajeelfama hin barbaadu jechuu miti.

Mat. 16: 13-28 keessatti, Adeemsa Leenjii Haaromsaa/jijjiiramaa Hubadhaa.

- Barbaachisummaan dhuga-ba'umsa Pheexiros maal ture? (15-17)

- Attamittiin Pheexiros yaada ofii isaa isa kan fooniitti deebi'uu dand'e, Yesuus maal isaan jedhe? (22-23)

- Ifannaan cimaan kun humna yookaan ba'aa inni laphee isaa irraa akka geggeessaa mootummaa Waaqayyootti qabu daangesseraa? (24-28)

Pheexiros erga gara yaada geggeessaa mootummaa Waaqayyootti guddateen booda, waa'ee "biyya Ijaaruu" akeekkachiisa inni waldaa Kiristaanaatiif waa'ee Gorsa sobaa fi geggeessitoota sobaa kenne ilaalaa 2 Peter 2:1-3.

- Maaliif Pheexiros waa'ee barsiisota sobaa waldaa kiristaanaa cimsee akeekkachiisuudhaaf birmaddummaa argate? (1-2)

- Akka geggeessitootaa warra waldaa Kiristoos keessaatti, ofii keenya maal irraa eeguu qabna? Maal irraa immoo jajjabina arganna?

© 2019 MentorLink International

Geddaramsa Dudhaa mootummaa... itti dhiheenyaan ilaaluu

Waa'ee geddaramsa dudhaa kanaaf Gaaffilee itti fufanii jiran kana garee keessan keessatti mari'adhaa:

1. Waa'een geddaramsa dudhaa kun maal jechuu dha?
2. Akka madaallii keetti waa'ee geddaramsa dudhaa kanaa ilaalchisee aadaan geggeessaa biyya kee keessaa maal fakkaata?
3. Biyya kee keessatti geddaramsi dudhaa kun akka bakka hin geenyeef danqaa cimaan maalii dha?

Dudhaa Haaromsaa #1 Madaallii Dhuunfaa

Dudhaalee haaromsaa armaan gadii kana keessatti yaada kee keessatti, dudhaalee fi hojii kee keessatti eessa akka jirtu madaali. Yaadota lamaan kennama ilaalchisee lakkoobsa bakka ati jirtu ibsuu danda'utti mari. Fakkeenyaaf: yoo yaadni gara bitaa jiru caalaatti kan si ibsu ta'eef "1"tti mari; yoo inni gara mirgaa jiru immoo kan si ibsu ta'eef "10"tti mari; yoo immoo giddu-galeessa kan jirtu taateef "5"tti mari. Akkasumas gaaffii yaada ibsachuu armaan gadiifis deebii kenni.

Milkaa'ummaa Dhuunfaa	… gara …	Mootummaa Waaqayyoo Ijaaruu
Waa'ee mootummaa Waaqayyoof dudhaa isaa yaada ifaa ta'e hin qabu	***Mootummaa Waaqayyoo hubachuu*** ***1****-2-3-4-****5****-6-7-8-9-****10***	Gatii kan na baasisu yoo ta'ellee, mootummaa Waaqayyoo waanan hubadheef ijaaruu nan barbaada
Tajaajilli, hojiin, waldaan, maatiin koo fi kkf akka waan mootummaa Waaqayyoo ta'ettan ilaala. Waaqayyotu isaan kana anaaf kenne	***Abbaa-qabeenyummaa*** ***1****-2-3-4-****5****-6-7-8-9-****10***	Tajaajilli, hojiin, waldaan, maatiin koo fi kkf kan Waaqayyoo ti. Isatu kenna, isatus fudhata. Karaa hundayyuu. Karaa hundayyuu maqaa Isaan eebbisa
Beekamuun barbaada. Kanaaf tajaajilli koo miidhagina koo fi kanan ittiin kabaja argadhuu dha	***Ulfina*** ***1****-2-3-4-****5****-6-7-8-9-****10***	Tajaajilli waa'ee Waaqayyoo ti. Fedhiin koo inni guddaan akka Inni kabajamuu fi ulfina argatuu dha.
Milkaa'ummaa kootiif jajamuun qaba. Kufaatii jiruuf garuu namootni biroon itti gaafatamuu qabu	***Milkaa'ummaa fi Kufaatii*** ***1****-2-3-4-****5****-6-7-8-9-****10***	Milkaa'ummaa jiruuf Waaqayyotu ulfina isaa hunda fudhata, dogoggoraa fi kufaatii jiruuf garuu anatu itti ceepha'amuu/gaafatamuu qaba.
Ani yeroo fi humna koo baay'ee mootummaa ofii kootii ijaarrachuu irrattin dabarsa	***Dursa kennuu*** ***1****-2-3-4-****5****-6-7-8-9-****10***	Ani yeroo fi humna koo baay'ee mootummaa Kiristoos ijaaruu irrattin dabarsa
Ani namoota waliin hojjechuudhaaf fedhii, yeroo, yookaan waan barbaachisaa hin qabu. Tajaajila akka wanta ani ittiin tajaajiltootaa fi tajaajila biraa wajjin ittiin dorgomuuttin ilaala.	***Waliin-hojjechuu*** ***1****-2-3-4-****5****-6-7-8-9-****10***	Yeroo dhagni Isaa waliin ta'uudhaan wal-faana hojjetu sababii Waaqayo eebbisuuf ani namoota waliin nan hojjedha.

© 2019 MentorLink International

Kadhatni waan gaariidha, garuu yeroo waanan hin qabneef kadhataaf dursa kennuu hin danda'u	***Kadhata Dursuu*** ***1****-2-3-4-****5****-6-7-8-9-****10***	Waan gurguddaa hojjechuun ana irra jiru yoon qabaadheyyuu kadhaafan dursa kenna
Waan namootni ani tajaajiluudhaaf waamame anarraa eegan guuteera, ofii koo isaan tajaajiluutti hidheera.	***Kan eegamu*** ***1****-2-3-4-****5****-6-7-8-9-****10***	Fedhiin isaanii yaada mootummaa Waaqayyoo isa guddaa waliin akka walitti dhufuuf ani namoota koo barsiiseera.

Yaada Ofii Calaqqisiisuu:

- Kanneen armaan olii keessaa isa kam irratti akka gaariitti hojjettte? Kana keessatti Waaqayyo attamittiin si jajjabeesse?
- Dudhaalee haaromsaa isa kan mootummaa dhuunfaa guddifachuu irraa gara mootummaa Waaqayyoo guddisuutti adeemuu ilaalchisee Of-Madaaluutaasiste irratti hundaa'uudhaan, waa'ee jijjiirama gochuun sirra jiruu Waaqayyo maal siin jechaa jira?
- Yaada gara bitaa jiru keessaa isa kamtu sitti cime? Sodaa maalii qabda? Mooxannoo darbe keessaa isa kamii dha? Dhiibbaaa attamiiti? Aadaa kee keessaa isa kamtu jijjiiramaaf danqaa sitti ta'e?
- Karaa keetiin qalbii jijjiirrannaa dhugaan maal fakkaata? Jireenya kee keessatti, tajaajila kee keessatti, fi akkaataa hoggansaa kee keessatti jijjiirama adda ta'e isa kam hojii irra oolchuu barbaadda?

© 2019 MentorLink International

Jijjiirama Dudhaa #2:

Dirree Aboo irraa gara Dirree Ayyaanaatti

"Ammas isin warra yaada garaa tokkoo ta'uudhaan, jaalala tokko qabaachuudhaan, yaada walitti dabalattanii tokko ta'uudhaan yaada tokkotti waliif galuudhaan gammachuu koo fiixaan anaaf baasaa. Gad of-deebisuudhaan warra kaan ofirra caalchisaa lakkaa'aa malee yaada ofittummaatiin yookiis of-dhiibuudhaan waan tokkollee hin hojjetinaa. Isin keessaa adduma addaan waan warra kaanitti tolus immoo haa ilaalu malee, waan isatti tolu duwaa hin ilaalin." *– Philippians 2:2-4*

Geggeessaan Yesuus Kiristoosiin haara'e isa ... caalchisee dhuunfaa isaatti isa ayyaanatti qabatee fi ittiin of-jajauu dha; isa miidhamaa fi araara beeku; fi isa warra kaanis simannaa wal-fakkaataa, araaraa, fi jaalalaan simatu.

Attamittiin seerummaan yookaan aboon namoota biroo ilaala?

Mat 23:23-28 isa Yesuus keessatti geggeessitoota amantii warra Israa'el warra akka dudhaalee haaromsaa kaanaatti geggeessitoota warra gara bitaa jedhaman kunneenitti kallattiidhaan waa'ee isaanii dubbate dubbisaa."

1. Luqqisii kana keessaa waan Yesuus seerummaa irratti deebise ibsaa. Adda baasaa barreessaa.

2. Luqqisiiwwan kunneen keessaa, bu'aaleen hoggansa seeratti hidhamee maalii dha?

3. Maaliif yookaan attamittiin geggeessitootni warra seeratti hidhaman ta'u?

Ayyaanni attamittiin warra kaan ilaala?

Faallaa Pharisichaa, attamittiin geggeessaa inni "gara mirgaa" akka ofii isaa ol of hin qabin, warra kaan utuu hin miidhin, yookaan amala "gaarii" ta'e argisiisuu akka hin barbaadin kutaa itti fufee jiru kana hubadhaa. Mee immoo haala kana keessatti ayyaana, garraamummaa, fi o'a hubadhaa. Luq 7:36-50 dubbisaa

1. Wanti gaariin/ga'umsi Yesuus gara dubartii kanaa akka dhaqu taasise maalii dha?

2. Simoon, geggeessitootni amantii attamittiin Yesuusii fi ayyaana isaatiif deebii kennan?

© 2019 MentorLink International

3. Karaa attamiitiin jireenyi dubartii kanaa hariiroo isheen Yesuusii wajjin qabdu irratti dhiibbaa taasise?

Yaada garaa cabaa fi Tajaajila

Badhaadhummaa ayyaana Waaqayyoo akka hubannuuf dhuunfaatti yaada garaa cabaa qabaachuun murteessaa dha. Wayita of-jajauu keenyaan, anumaa fi boqonnaa mataa keenyaa, fi aangoo fi to'annaa keenyaan cabnu dandeenyee warra kaan ayyaanaan tajaajiluu ni dandeenyaa.

Fakkeenya ilmaan badanii sanaa yaaduudhaan (Luq 15:11-32) yaada garaa abbaan sun ilmaan isaa gara bitaatii gara mirgaatti dabarsuudhaaf qaba ture ilaalaa:

Ilma angafa

- Ni morme
- Itti waamame
- Fagootti abbaa isaa beeka
- "Sirrii" garuu balleessaa
- Seera
- Hojii irratti xiyyeeffachuu
- Ni bade
- Du'aa
- Ni dhaga'a
- Of-tuuluu
- Mata-jabeessa

Isa quxusuu/xiqqaa

- Qalbii jijjiirrate
- Ni hammate
- Itti siqeenyaan abbaa beeka
- "Balleessaa" garuu sirrii
- Jaalala
- Hariiroo irratti xiyyeeffachuu
- Ni argame
- Jiraataa
- Ni dhaggeeffata
- Gad of-deebisuu
- Garaa cabaa

Akkasumas Phaawulos erga gara bilchina haafuuraatti, milkaa'ummaa tajaajilaa fi Kiristoositti dhihaachuutti guddateellee ilaalcha inni waa'ee ofii isaatiif qaba ture ilaalaa. Duraa fi duubaan, Paawuloos ofii isaa akkasittiin ibsa:

1. *Dh.K.D 49 – Ergamoota warra kaan waliin wal qixa (Gal 1:16-2:10)*
2. *Dh.K.D 53 – Ergamoota keessaa isa xiqqaa (1 Qor 15:9)*
3. *Dh.K.D 61 – Saba Waaqayyoo keessaa isa gad aanaa (Efe 3:8)*
4. *Dh.K.D 65 – Cubbamoota keessaa isa caalu/duraa (1 Xim 1:15)*

Ammas guddina jireenya Phaawuloos keessaa ilaalaa. Attamittiin akka Waaqayyo caalchisee akka inni gad of-deebisu gochuudhaan jireenya isaa haaresse. Akka inni caalchisee gara gad of-deebisuutti guddatuuf maaltu jireenya Phaawuloos keessatti ta'e jettee yaadda?

Yaada garaa cabaa qabaachuun wanta nuti ofii keenyaan hojjetnu miti. Taatee jireenyaa Waaqayyo gara keenyatti ergu keessaan kan ta'uu dha. Yaadni garaa cabaan nu keessatti ta'uun yookaan immoo ta'uu dhiisuun isaa deebii nuti taatee sanaaf deebisnu irratti hundaa'aa. Waa'ee yaada garaa cabaa maal barachuu dandeenya? Seenaa namoota Waaqayyoo irraatii? Walii walii keenya irraatii? Jireenya ofii keetii irraatii? Attamittiin cabni yaada garaa geggeessaa gara bitaa irraa gara geggeessaaqaa isa gara mirgaatti nu dabarsuudhaaf meeshaa Waaqayyo itti dhimma ba'u ta'uu danda'a?

 © 2019 MentorLink International

Gara geddaramsa dudhaa Ayyaanaa ... itti siqeenyaan ilaaluu

Waa'ee geddaramsa dudhaa Ayyaanaa kanaaf Gaaffilee itti fufanii jiran kana garee keessan keessatti mari'adhaa:

1. Akka walii-galaatti waa'een geddaramsa dudhaa kun maalii dha? Jechoota ofii keetiin ibsi.

2. Akka madaallii keetti waa'ee geddaramsa dudhaa kanaa ilaalchisee aadaan geggeessaa biyya kee keessaa maal fakkaata?

3. Biyya kee keessatti geddaramsi dudhaa kun akka bakka hin geenyeef danqaa cimaan maalii dha?

© 2019 MentorLink International

Dudhaa Haaromsaa #2 Madaallii Dhuunfaa

Dudhaalee haaromsaa armaan gadii kana keessatti yaada kee keessatti, dudhaalee fi hojii kee keessatti eessa akka jirtu madaali. Yaadota lamaan kennaman ilaalchisee lakkoobsa bakka ati jirtu ibsuu danda'utti mari. Fakkeenyaaf: yoo yaadni gara bitaa jiru caalaatti kan si ibsu ta'eef "1"tti mari; yoo inni gara mirgaa jiru immoo kan si ibsu ta'eef "10"tti mari; yoo immoo giddu-galeessa kan jirtu taateef "5"tti mari. Akkasumas gaaffii yaada ibsachuu armaan gadiifis deebii kenni.

Dirree To'annaa irraa	… gara…	Dirree Ayyaanaatti
Waaqayyo hojjetaa gara jabeessa isa fagoo, hin argamnee fi isa gammachiisuun ulfaataa akka ta'etu natti dhaga'ama	***Akka itti Waaqayyoon ilaallu*** ***1***-2-3-4-***5***-6-7-8-9-***10***	Waaqayyo abbaa jaallatamaa dha, "abbaa" koo isa ilmi isaa dhiphachuudhaan du'a irraa ana oolchee mucaa isaa ana taasisee dha
Jireenya jijjiiramaa isa dhumaa qabaachuudhaaf wanti murteessaan isa gammachisuudhaaf cimsanii yaalii taasisuu dha	***Guddina*** ***1***-2-3-4-***5***-6-7-8-9-***10***	Haaromsa dhugaadhaaf wanti murteessaan Sadan-tokkummaa waliin hariiroo gad fagoo qabaachuu dha
Yeroo mara akka nama fuula Waaqayyoo duratti kufeetti miira hadheessaatu natti dhaga'ama	***Dhiifama*** ***1***-2-3-4-***5***-6-7-8-9-***10***	Yeroo mara dhiifama argadhee Waaqayyo fayyisaa kootiin jaallatamuutu natti dhaga'ama.
Jireenyi qulqullaa'aan barbaachisaa miti. Namootni dhugaan dogoggora ni hojjetu.	***Jireenya Qulqullaa'aa*** ***1***-2-3-4-***5***-6-7-8-9-***10***	Qulqullummaan barbaachisaa dha, kan danda'aamu yoo nuti Waaqayyotti siquudhaan isa waliin adeemnee dha
Ani yelloodhaan/ceephoo sammuunan oofama	***Yelloo fi Eenyummaa*** ***1***-2-3-4-***5***-6-7-8-9-***10***	Ani mucaa Waaqayyoo isa jaallatamaa akkan ta'e nan beeka
Akka kiristaanaatti qajeeltootti adeemuudhaaf seera eeguu qabna	***Seera/Qajeelfama*** ***1***-2-3-4-***5***-6-7-8-9-***10***	Utuu addaan hin citin gara fannootti akka nu fiduudhaaf seera Waaqayyoo (kan namaa miti) ni barbaadna.
Hafuurri Qulqulluun eenyu akka ta'ee fi attamitti isaa wajjin akka adeemamu hubannaa mul'ataa hin qabu	***Hafuura Qulqulluu*** ***1***-2-3-4-***5***-6-7-8-9-***10***	Karaa Hafuura qulqulluu isa na keessa jiraatuutiin Waaqayyoo wajjin michummaa gatii guddaa qabutti guddachaan jira
Dhugaa dubbachuudhaaf, yeroo tokko kennaa koon, dandeettii fi raawwii kootiin baay'een of-jaja	***"Of-jajuu" koo #1*** ***1***-2-3-4-***5***-6-7-8-9-***10***	Ani gatii guddaa Yesuus namoota akka kootii maatii isaa taasisuudhaaf baaseenan of-jaja
Yeroon warra kaan waliin of-ilaalu, kennaa, dandeettii, fi raawwii kootti nan yella'a	***"Of-jajuu" koo #2*** ***1***-2-3-4-***5***-6-7-8-9-***10***	Akka mucaa jaallatamaatti, wanta Kiristoos amantiidhaan karaa koo fi ana keessaan hojjete qofaanan of-jaja
Tajaajilli milka'aan jabina kootiin tajaajiluu fi geggeessuu qofaan argamuu danda'a	***Yaada Cabaa*** ***1***-2-3-4-***5***-6-7-8-9-***10***	Yeroo hedduu tajaajilli Beekamaan dadhabbii, yaada cabaa, fi iftoominaan tajaajiluu fi geggeessuu keessaan argama
Kadhatni hojii ulfaataa Waaqayyoon gammachiisuudhaaf ani hojjedhuu dha	***Ilaalcha Kadhataa*** ***1***-2-3-4-***5***-6-7-8-9-***10***	Kadhatni carraa ittiin Hafuurri Qulqulluun Waaqayyo abbaa fi Ilma isaa wajjin jaalalaan tokko na taasisuu dha.

© 2019 MentorLink International

Yaada Ofii Calaqqisiisuu:

- Kanneen armaan olii keessaa isa kam irratti akka gaariitti hojjettte? Kana keessatti Waaqayyo attamittiin si jajjabeesse?
- Dudhaalee haaromsaa isa kan mootummaa dhuunfaa guddifachuu irraa gara mootummaa Waaqayyoo guddisuutti adeemuu ilaalchisee Of-Madaaluutaasiste irratti hundaa'uudhaan, waa'ee jijjiirama gochuun sirra jiruu Waaqayyo maal siin jechaa jira?
- Yaada gara bitaa jiru keessaa isa kamtu sitti cime? Sodaa maalii qabda? Mooxannoo darbe keessaa isa kamii dha? Dhiibbaaa attamiiti? Aadaa kee keessaa isa kamtu jijjiiramaaf danqaa sitti ta'e?
- Karaa keetiin qalbii jijjiirrannaa dhugaan maal fakkaata? Jireenya kee keessatti, tajaajila kee keessatti, fi akkaataa hoggansaa kee keessatti jijjiirama adda ta'e isa kam hojii irra oolchuu barbaadda?

© 2019 MentorLink International

Jijjiirama Dudhaa #3:

Geggeessaa Aangoo Irratti Hundaa'e irraa gara Geggeessaa Hojjataatti

"…eenyullee isin keessaatti guddaa ta'uu kan barbaadu, hojjetaa keessan ta'uutu isarra jira ... Ilmi namaas akkasuma hojjechiifachuudhaaf hin dhufne, namootaaf hojjechuu fi lubbuu isaa furii baay'eedhaaf kennuuf dhufe malee." *– Mat 20:26-28*

Hogganaan karaa Yesuus Kiristoos haara'e ... nama bu'aa fi jijjiiramni inni fidu taayitaan,aangoo, yookaan aboo to'achuutiin hin daangefamnee ta'uu dha, garuu karaa humna Kiristoos isaan tajaajiluudhaan warreen biroof bu'aa buusuu qaba.

Yesuus yeroo fi bara Isaa keessatti Hoggansummaa Humnaa/ol-aantummaa Ifateera

Jechi ifaataa/dheekkamsaa baay'ee cimaan Yesuus biraa gara geggeessitoota hafuuraa fi barsiisotaatti bara Isaa keessa turaniitti ergamaa ture. Akka geggeessitoota hafuuraatti wanta Yesuus asi keessatti dubbatetti xiyyeeffannaa kennuun buuf barbaachisaa dha, akkasumas waa'ee hoggansa humnaas attamitti akka isatti dhaga'ame baruun barbaachisaa dha.

Mat 23:1-12 dubbisuudhaan gaaffilee armaan gadii deebisi:

- Wayita luqqisiiwwan kunneen dubbistutti, ifaati tokko yookaan lama karaa Yesuus gara geggeessitoota bara Isaa keessa turaniitti ergame inni caalee sitti argamu maalii dha? Deebii kee ibsi.

- Akka Yesuus hubatetti, Fariisonni akka geggeessotaatti akka isaan kaka'an kan isaan taasise hundeen isaa maalfaa dha? (Lakk.5-7)

- Bara kanattis geggeessitootni humnaa aadaa kee keessa jiran attamittiin ilaalchaa fi yaada kana fakkaatu calaqqisiisu?

- Dhuma irratti, abdii Yesuus Fariisotaaf lakk. 12 irratti taasise ilaalaa. Abdiiwwan lamaan Inni kenne maalfaa dha, siif kun maal jechuu dha?

- Namoota hoggansa humna giddu-galeessa godhate irraa gara hogganaa hojjetaatti darbuudhaaf danqaa fi rakkoon maalii dha?

Adeemsa barumsa Hoggansa aangoo irraa gara hoggansa hojjetaatti taasifamuuf kutaa qayyabannaa Macaafa qulqullu: Yesuus, Yaaqoob, fi Yohannis

Yohannisii fi Yaaqoob Yesuusiin fo'amuudhaan tajaajila Isaa keessatti bakka addaa isaaniif kennamee ture. Kana jechuun garuu isaan kana booda Yesuus Kiristoos isa Gooftaa fi Gorsaa irraa jajjabina hin barbaadan, itti gaafatamummaa, fi qajeelfama hin barbaadan jechuu miti.

Yaaqoobii fi Yohaannis hoggansummaa foonii gatanii akka geggeessaatti caalaatti Isa akka fakkaataniif attamitti akka Yesuus isaan gargaaruu akka barbaade Marqos,10:35-45 irraa ilaalaa. Gaaffilee itti fufanii jiran deebisaa:

 © 2019 MentorLink International

- Wanti Yohaannisii fi Yaaqoob Yesuusiin gaafatanii maal ture? Gaaffii kana maaliif gaafatan jettee yaadda? (lakk.35-37)

- Yesuus wayita, " Isin waan gaafattan hin beektan" jedhee yeroo deebise maal jechuu isaati jettee yaadda (lakk.38)? Ifaati/dheekkamsi jabaan Yesuus lakkoobsa 40 irratti isaan ifate hoggananaa hojjetaa akka hin taaneef Yohaannisii fi Yaaqoobiin daangessee turee? Maaliif? Yookaan immoo maaliif isaan hin daangessine?

- Warreen kaan wayita gaaffii Yohaannisii fi Yaaqoob dhaga'anitti, "ni aaran". Maaliif akkasi jedhan jettee yaadda? (lakk.41)

- Osoo geggeessitootni hafuuraa biyya keetii dudhaalee fi shaakala geggeessaa hojjetaa Yesuus lakkoobsa 42-45tti nurraa barbaadu fudhatanii, geddaramsi attamiitu dhufuu danda'a? Utuu atiif geggeessitootni biroon dubbii Yesuus lakkoobsa kana keessa jiruuf abboomamtanii, waldaa kiristaanaa biyya keetii keessatti jijjiirama maaliitu dhufa/argama?

Karaa nuti ittiin akka geggeessaa hojjetaatti fakkeenya Yesuus duukaa bu'uu dandeenyu

Yaada itti fufee jiru guddistanii dubbisuudhaan garee keessan isa xiqqaa keessatti adda adda yaadichaatiif waan aadaa keessan keessaa qabatamaatti isa ibsu tokko yookaan lama yaadaa:

- Bifa hubannaa fi amaleeffannaa jaalala, ayyaanaa, fi dhugaa Waaqayyoo isaan keessatti jabeessuun **fedhii namoota warra kaaniif deebii ni kennina**.

- **Namootaa fi hariiroo irratti xiyyeeffanna.** Hojii hojjetamuu qabu beekna, guutummaa humna keenyaa garuu dhugaatti warra geggeessinu kunuunsuu fi hariiroo jabaa ta'e ijaaruu irratti humna keenya guutuu kennina.

- Nuti gad of-deebisuu, dadhabbii, fi jaalalaan **tajaajiluuf namootatti dhi'aanna** malee, humnaan, sodaachisuudhaan yookaan immoo to'annaadhaan miti.

- **Aangoo fi taa'itaa keenya namoota biroo** aangessinee tajaajilaa fi jireenya isaanii keessatti bu'a qabeeuyyii akka ta'aniif **aarsaadhaan isaan tajaajiluuf itti fayyadaman**.

- **Beekkamtummaa fi gatii utuu hin gaafatin tajaajilla,** jaalalaa fi waamicha Waaqayyoon dirqamnee ti-akka namootni nuuf mirkaneessaniif utuu hin taanee, Waaqayyo akka nuuf dhugoomsuuf tajaajilla.

© 2019 MentorLink International

Gara geddaramsa dudhaa Hoggansa Hojjetaa ... itti siqeenyaan ilaaluu

Garee keessan isa xiqqaa keessatti gaaffilee waa'ee geddaramsa dudhaa kana mari'adhaa:

1. Akka walii-galaatti waa'een geddaramsa dudhaa kun maalii dha? Jechoota ofii keetiin ibsi.

2. Akka madaallii keetti waa'ee geddaramsa dudhaa kanaa ilaalchisee aadaan geggeessaa biyya kee keessaa maal fakkaata?

3. Biyya kee keessatti geddaramsi dudhaa kun akka bakka hin geenyeef danqaa cimaan maalii dha?

© 2019 MentorLink International

Dudhaa Haaromsaa #3 Madaallii Dhuunfaa

Dudhaalee haaromsaa armaan gadii kana keessatti yaada kee keessatti, dudhaalee fi hojii kee keessatti eessa akka jirtu madaali. Yaadota lamaan kennaman ilaalchisee lakkoobsa bakka ati jirtu ibsuu danda'utti mari. Fakkeenyaaf: yoo yaadni gara bitaa jiru caalaatti kan si ibsu ta'eef "1"tti mari; yoo inni gara mirgaa jiru immoo kan si ibsu ta'eef "10"tti mari; yoo immoo giddu-galeessa kan jirtu taateef "5"tti mari. Akkasumas gaaffii yaada ibsachuu armaan gadiifis deebii kenni.

Hoggansa aangoo irratti hundaa'e irraa	… gara…	Hoggansa Hojjetaa ta'uu tti
Namoota waliin tajaajiluu keessatti, hariiroo caalaa hojiifan iddoo kenna	***Hariiroo fi hojii*** ***1***-2-3-4-***5***-6-7-8-9-***10***	Tajaajila keessatti, hariiroo fi hojiin wantoota barbaachisoo dha. Akka namoota Waaqayyootti tokkummaan keenya dhiibbaa taasisuudhaaf murteessaa dha.
Jalqaba irratti aangoo hoggansa kootii ga'ee hojii kootii, bakka anaaf kennamee fi maanu'aalii dhaabbata keenyaa irraan fudhadha	***Aangoo*** ***1***-2-3-4-***5***-6-7-8-9-***10***	Aangoon koo jalqaba irratti amantaa, hariiroo, amanamummaa, fi tajaajila irraa kan madduu dha
Kabaji maqaa anaaf kennamee fi gahee hojii ani qabu irraa kan dhufuu dha	***Kabaja*** ***1***-2-3-4-***5***-6-7-8-9-***10***	Kabaji dursa wayita ani Kiristoosiin, kaayyoo fi saba isaa tajaajilu kan argamuu dha.
Gatii hojii ani garee keenya akka gaariitti(innis milkaa'ummaa dha) geggeessuu kootiif anaaf ta'uu argachuu nan barbaada.	***Milkaa'ummaa Hoggansaa*** ***1***-2-3-4-***5***-6-7-8-9-***10***	Milkaa'ummaan hojii ulfina isaaf ta'u akka fiixaan baasnuuf namoota garee kootii aangessuu fi qopheessuu dha.
Akka gegeessaatti, akka barbaachisummaa isaatti namootatti fayyadamuudhaan, milkaa'ummaa keenya mirkaneessuudhaaf hojii keenya hunda kallattiidhaan to'achuuttan fayyadama.	***To'annaa 1*** ***1***-2-3-4-***5***-6-7-8-9-***10***	Waaqayyo waan hundumaa to'ata. Namoota amanamoo ga'ee isaan raawwachuudhaaf amanaman gargaaruu fi qopheessuudhaaf Isaa wajjinana waliif gala.
Haasaa miseensota hojjettoota ana jala jiranii maraa fi murtoo barbaachisaa ta'e kennuu keessatti argamuu nan jaalladha.	***To'annaa 2*** ***1***-2-3-4-***5***-6-7-8-9-***10***	Miseensotni garee akka karoora isa akka gareetti qopheessine faana hojjechuu akka danda'aniif, murtoo hojjettootattan gad buusa.
Garee keenya keessatti, warra bakkee dabalatee namni kamiyyuu ani itti gaafatamaa ta'uu koo akka beekun taasisa	***Haala Hoggansummaa*** ***1***-2-3-4-***5***-6-7-8-9-***10***	Namootni bakkeedhaa na ilaalan salphaatti geggessaa garee ta'uu koo hin hubatu. An outside observer may not easily know I am the team leader. Kennaa namni tokko waan tokko irratti qabu irratti hundaa'uudhaan hoggansa hirmaachuun hojjenna.
Akka geggeessaatti shoorri koo namootni ani geggeessa hedduun akka gammadan taasisuudhaan isan mo'achuu dha	***Nama Gammachiisuu*** ***1***-2-3-4-***5***-6-7-8-9-***10***	Kiristoosiin, mootummaan Isaa akka dhufu taasisuu, fi namoota isaa tajaajoluu keessatti, yeroo tokko tokko murtoo jajjabaa namoota muraasa gaddisiisu nan fudhadha.

© 2019 MentorLink International

Namoota hoggansa koo jala jiraniif/wajjin kadhachuudhaaf yeroo xiqqoon fudhadha.	***Kadhata Hoggansaa*** ***1****-2-3-4-****5****-6-7-8-9-****10***	Sababii Gooftaa keessatti isaan jajjabeessuu fi aangessuuf warra ani hogganuuf bifa dhaabbataan isaanii wajjinii fi isaaniif nan kadhadha

Yaada Dhuunfaa Calaqqisiisuu:

- Kanneen armaan olii keessaa isa kam irratti akka gaariitti hojjettte? Kana keessatti Waaqayyo attamittiin si jajjabeesse?
- Dudhaalee haaromsaa isa kan mootummaa dhuunfaa guddifachuu irraa gara mootummaa Waaqayyoo guddisuutti adeemuu ilaalchisee Of-Madaaluutaasiste irratti hundaa'uudhaan, waa'ee jijjiirama gochuun sirra jiruu Waaqayyo maal siin jechaa jira?
- Yaada gara bitaa jiru keessaa isa kamtu sitti cime? Sodaa maalii qabda? Mooxannoo darbe keessaa isa kamii dha? Dhiibbaaa attamiiti? Aadaa kee keessaa isa kamtu jijjiiramaaf danqaa sitti ta'e?
- Karaa keetiin qalbii jijjiirrannaa dhugaan maal fakkaata? Jireenya kee keessatti, tajaajila kee keessatti, fi akkaataa hoggansaa kee keessatti jijjiirama adda ta'e isa kam hojii irra oolchuu barbaadda?

© 2019 MentorLink International

Geddaramsa Dudhaa #4:

Ofittummaa fi anumatu beekaa irraa gara Waliin ta'uu fi Tokkoomuutti

"…Gooftaan karaa anaaf banuu isaa nan arge. Obboleessa koo Titoosiin achii waanan dhabeef garuu yaadni koo hin ciifne. Kanaafan namootatti nagaa …"

– 2 Qor 2:12-13

– *Geggeessaan Yesuus Kiristoosiin haara'e isa ... uftuulummaanis haa ta'uu aangoo qooduuf fedhii dhabuu haa ta'uu, isa yaada qophaa hojjechuu fi adda of-baasuudhaan mormuu dha*. Geggeessaan akkanaa hariiroof kan gatii kennuu fi humna isaatti fayyadamuudhaaf kan fedhii qabuu fi isa warra cimoo ta'an waliin karaa iofii dadhabaa ta'een hoiietan waliin hoiiechuuf kan fedhii qabuu dha.

Hoggansi Garee qophaa keenya hojjechuu caalaatti ulfaataa dha …

Eenyuun keenyayyuu waan hundumaan ga'umsa hin qabnu. Nuti dhugaatti walii keenya ni barbaadna. Ammayyuu hariiroon keenya hojii guddaa gaafata, yeroo tokko tokko gareen hojjechuun qophaa hojjechuu caalaatti cimaa fi suuta kan jedhuu dha. Yoo hoggansi garee ittiin hojjetan ta'ee filatame, rakkooleen kunneen hafuu hin danda'u. Akka meeshaa ittiin ayyaanaa fi jaalalatti walii keenya wajjin guddachuudhaaf, akkasumas bu'a qabeeyyii ta'uudhaaf akka meeshaatti "qorumsa" kunneen fudhachuu baruu qabna.

- Rakkooleen akka hoggansa qophaa isaa ga'aa ta'eetti hojjechuu wliin wal qabatee jiru maalfaa dha?

- Bu'aan hoggansa gareen hojjechuu maalfaa dha?

Hogganaan Kiristoosiin giddu-galeessa godhate isa/nama waliin hojjechuu fi tokkoomuutiif gatii kennuu dha …

- Akkuma tokkummaan, garaa-garummaan, yaadaan tokko ta'uun Waaqayyoo Sadan-Tokkummaa keessatti argamu, akkasuma wal-qixxummaa fi kabajni hoggansa garee keessa jiru humna Waaqayyootiif dhuga-baatuu guddaa dha.
- Hoggansummaan fakkeenya ta'u Kakuu Moofaa keessatti "nama guddaa" jedhamu (Raajotaa fi Mootota) geggeessitoota waldaa kiristaanaa bara kanaa warra "Isa Waaqayyo dibame" jedhan biratti eenyummaa fi hojiin hoggansaa akka malee itti dhimma ba'amaa jira."
- Yaadni dura bu'aa geggeessaa jedhamu, geggeessitootuma kanneen biroo gidduuttillee taanaan, akka Kakuu Haaraatti hin beekamu. Geggeessitootni Kiristoosiin fakkaatan gareen hojjetu, miseensi marti akka wal-qixaatti hojjetu, jiraatus.
- Hogganaan Kiristoosiin giddu-galeessa godhate namoota kennaa fi ga'umsi hafuuraa isaanii isa kana tumsu waliin hojjeta.

© 2019 MentorLink International

- Hogganaan hafuuraan haar'e jabinaa fi dadhabbii ofii isaatii ni hubachuudhaan, warra bakka dadhabbii isaa dhaabbachuu danda'an barbaadee waliin hojjeta. Inni waan hunda qophaa isaa gaarii godhee hojjechuu akka hin dandeenye amanuu hin yella'u.

Yaadota armaan gadii erga dhaggeeffatteen booda, yaada asirratti qabdu dubbadhu. Wanta amma dhageesse kanatti walii-galtaa? Hagam yaadotni kunneen yaada kee kakaasan?

Macaafa qulqulluu keessaa kutaalee hoggansa garee fi waliin hojjechuuf fakkeenya ta'an …

Kutaalee itti fufanii jiran ilaalaatii garee keessan keessatti irratti mari'adhaa:

- **Bartoota** (Luq 10:1-2,17,21) Yesuus wayita barattoota 72 lama-lamaan erge sanatti, utuu tokko-tokkoon isaan ergeera ta'ee gandoota dachaa bira ga'uun ni danda'ama ture. Inni garuu lama-lamaan taasisuudhaan garee 36 taasise. Wayita gara isaatti deebi'anitti waa'ee haala hojii isaanii maal isatti gabaasan? Waa'ee ergama isaanii isa isaan miiraan dubbatan sanaa deebiin Yesuus maal ture? Qooda qophaa hojjechuu waa'ee gareedhaan hojjechuu kun maal argisiisa?

- **Yesuus** (Mar 14:32-34) Yesuus qophaa isaa waan gochuu ni danda'a ture, garuu galgala itti dabarfamee kenname sanatti Getesemaaneetti akkas hin turre. Yesuus Phexiroos, Yohaannisii, fi Yaaqoob irraa gargaarsa maalii fedha ture? Haala kanaan Ilmi Waaqayyoo hir'ina qabaachuun isaa isin dinqisiisaa? Maaliif, yookaan maaliif isin hin dinqu?

- **Barnaabas** (Ho. Erg 11:19-26) Barnaabaaas wayita hojiin hedduun Anxokiyaa keessa akka jiru argetti, hojii hunda qophaa isaa hojjechuudhaaf yaaluu ni dadna'a ture, garuu inni hin goone. Gargaarsa argachuudhaaf attamitti itti adeeme? Waa'ee namoota akka isa gargaaraniif filate sanaa hir'inni isaanii inni fudhachuuf murteesse maal ture? Firiin "tajaajila garee" kanaa maal ture?

- **Phaawuloos** (2 Xim 4:9-13, 19-21) Phaawulos akka nama qophaa isaa hojjechuu danda'uutti of-jajauudhaan eegalee ture, garuu ni jijjiirame. Kutaalee lamaan kana keessatti michootaa fi hidhata-hojii hagamii caqase? Phaawulos utuu warra kaanii wajjin hin hojjenne ta'ee akka jalqaba turetti fiixaan ba'uu ni danda'a jettee yaaddaa? Maaliif, miti yoo ta'e maaliif?

Yaa'ii Yerusaalem: Hoggansa garee irratti kutaa qayyabannaa

Ho. Erg 15:1-29 dubbisuudhaan gaaffilee itti fufanii jiran irratti mari'adhaa:

- Ga'ee fi itti gaafatamummaan "ergamootnii fi geggeessitootni" Yerusaalemitti walitti qabamanii maalfaa ture?

- Maree yaa'ii sanaa keessatti Pheexiros, Barnaabaas fi Phaawuloos, fi Yaaqoob gumaacha maalii taasisan? Namoota kunneen keessaa namni yaa'ee kana irratti dubbii xumuraa dubbate jiraa?

© 2019 MentorLink International

- Xalayaan yaa'ichaa inni gara amantoota warra Yihudoota hin ta'iniitti ergamee sun aboo eenyuutiin ture?

Dudhaan waliin hojjechuu attamittiin akka geddarame ... gad fageenyaan ilaaluu

Garee keessan isa xiqqaa keessatti gaaffilee waa'ee geddaramsa dudhaa kana mari'adhaa:

4. Akka walii-galaatti waa'een geddaramsa dudhaa kun maalii dha? Jechoota ofii keetiin ibsi.

5. Akka madaallii keetti waa'ee geddaramsa dudhaa kanaa ilaalchisee aadaan geggeessaa biyya kee keessaa maal fakkaata?

1. Biyya kee keessatti geddaramsi dudhaa kun akka bakka hin geenyeef danqaa cimaan maalii dha?

© 2019 MentorLink International

Dudhaa Haaromsaa #4 Of-Madaaluu

Dudhaalee haaromsaa armaan gadii kana keessatti yaada kee keessatti, dudhaalee fi hojii kee keessatti eessa akka jirtu madaali. Yaadota lamaan kennaman ilaalchisee lakkoobsa bakka ati jirtu ibsuu danda'utti mari. Fakkeenyaaf: yoo yaadni gara bitaa jiru caalaatti kan si ibsu ta'eef "1"tti mari; yoo inni gara mirgaa jiru immoo kan si ibsu ta'eef "10"tti mari; yoo immoo giddu-galeessa kan jirtu taateef "5"tti mari. Akkasumas gaaffii yaada ibsachuu armaan gadiifis deebii kenni.

Ofittummaa fi anumatu beekaa irraa	… gara…	Waliin hojjechuu fi Hawaasummaatti
Gareen hojjechuu gatii guddaa nama baasisa. Adda adda keenya keessa akka ofii keenyaan hojjennuuf "ga'umsi" dhalootaan nuuf kenname jira	***Waliin hojjechuu*** ***1***-2-3-4-***5***-6-7-8-9-***10***	Waliin hojjechuun gareef eebba ta'ee, Waaqayyoonis ni gammachiisa. Anaaf, gareen hojjechuun gatii isaa ni caala.
Hogganaa gaariin nama qopha-galeessa a'uu qaba. Aaan Waaqayyo qophaatu ana gaafata, nageenya kootiifis Isa qophaan amanadha	***Qophummaa*** ***1***-2-3-4-***5***-6-7-8-9-***10***	Akka hogganaatti, milkaa'ina tajaajilaa qophaaf osoo hin taanee, guddinaa fi nageenya kootiif gatiin itti kenna.
Ani dadhabbii koo argisiisuus ta'e qeeqaa fi qajeelfama fudhachuudhaaf fedha hin qabu, sababiin isaas sana booda namootni ana duukaa hin bu'an	***Dadhabbii*** ***1***-2-3-4-***5***-6-7-8-9-***10***	Hawaasummaa cimsuudhaan humni Waaqayyoo akka dhufu waan taasisuuf ani dadhabbii fi of-dhoksuu malee geggeessuun yaala
Akka hogganaatti, deebii hunda argachuun yaala, kennaa dhihaatu hundas ergama keenya ittiin geggeessuuf nan barbaada	***Dorgomaa hunda*** ***1***-2-3-4-***5***-6-7-8-9-***10***	Akka hogganaatti, garee deebii barbaaduu fi kennaa wal-tumsuudhaan milkaa'ummaa fiduudhaaf isa gargaarun barbaada.
Akka hogganaatti, milkaa'ummaa kootiif gatiin barbaada. Kun maqaa fi galmee gaariin akka jiraatu taasisa.	***Gatii*** ***1***-2-3-4-***5***-6-7-8-9-***10***	Bu'aa Waaqayyo akka argamu taasiseef miseensa garee kootii hundaaf gatii kenneen, Waaqayyoof ulfina kenna.
Akka geggessaatti milkaa'uummaan har'aa carraa guddaa tajaajila boriif akka banu nan beeka.	***Hojii Ofii*** ***1***-2-3-4-***5***-6-7-8-9-***10***	Hojii keenya akka Inni nuuf kennee fi amanamummaas akka nurraa barbaadu hubachuudhaan, hojii koo harka Waaqayyoottin kenna
Garee keenya keessatti, namni hunduu waan of-golgee jiru fakkaata. Guutummaatti of mul'isuudhaaf sodaatu nutti dhaga'ama	***Bakka mijataa*** ***1***-2-3-4-***5***-6-7-8-9-***10***	Gareen keenya bakka dadhabbii keenya argisiisuu fi walitti himachuuf birmaddummaan jiru waan ta'eef walii keenya waliin sodaan nutti hin dhaga'amu
Namni hunduu ofii isaatiin akka hojjetun jaalladha. Kanaan achi, adda addi keenya bakka tokkummaa kiristaanummaa itti geggeeffannu qabna.	***Maatii Fayyisuu*** ***1***-2-3-4-***5***-6-7-8-9-***10***	Gareen keenya akka maatii ti. Akka dhuunfaa keenyaatti Gooftaatti guddachuudhaaf walii keenya ni tumsina.
Yeroo baay'ee waliin hin kadhannu. Wayita kadhannu waan bu'aa hin qabaanne nutti fakkaata. Attamitti akka wayyeessinu hin beeku	***Gareen Kadhachuu*** ***1***-2-3-4-***5***-6-7-8-9-***10***	Kadhanni geddaruu waan danda'uuf hojii garee isa dursu taasisne. Walii keenyaaf walii keenyaa wajjin yeroo hunda ni kadhanna

© 2019 MentorLink International

Yaada Dhuunfaa Calaqqisiisuu:

- Kanneen armaan olii keessaa isa kam irratti akka gaariitti hojjettte? Kana keessatti Waaqayyo attamittiin si jajjabeesse?
- Dudhaalee haaromsaa isa kan mootummaa dhuunfaa guddifachuu irraa gara mootummaa Waaqayyoo guddisuutti adeemuu ilaalchisee Of-Madaaluutaasiste irratti hundaa'uudhaan, waa'ee jijjiirama gochuun sirra jiruu Waaqayyo maal siin jechaa jira?
- Yaada gara bitaa jiru keessaa isa kamtu sitti cime? Sodaa maalii qabda? Mooxannoo darbe keessaa isa kamii dha? Dhiibbaaa attamiiti? Aadaa kee keessaa isa kamtu jijjiiramaaf danqaa sitti ta'e?
- Karaa keetiin qalbii jijjiirrannaa dhugaan maal fakkaata? Jireenya kee keessatti, tajaajila kee keessatti, fi akkaataa hoggansaa kee keessatti jijjiirama adda ta'e isa kam hojii irra oolchuu barbaadda?

© 2019 MentorLink International

Geddaramsa Dudhaa #5:

Akka Tasaa Dabaluu Irraa Gara Itti Yaaduudhaan Geggeessitoota Baay'isuutti

"Ati immoo yaa ilma Koo! Ayyaana isa Kiristoos Yesuus nuuf kennutti jabaa dhu. Dhuga-baatota baay'ee duratti waan ana irraa dhageesse namoota amanamoo, warra kaan barsiisuufis ta'a nitti adaraa kenni.

Dhuga-baatota baay'ee duratti waan ana irraa dhageesse namoota amanamoo, warra kaan barsiisuufis ta'a nitti adaraa kenni.*"*
– 2 Xim 2:1-2

Tarsiimoo hariiroo tajaajila Yesuus keessatti ... fi tarsiimoo keenyas. Giraafii gara mirgaa jirutti fayyadamuudhaan, qoodama xiyyeeffannaa namoota keetii guuti.



Maree kana irraa tarsiimoo Yesuus irraa hubannaa haaraa maalii baratta?

Attamittiin tarsiimoon kee tarsiimoo hariiroo Yesuus fakkaata? Attamittiin tarsiimoon kee isa kan Yesuus irraa adda ta'e?

Wayita tarsiimoo kee qopheessitutti jijjiirama maalii ilaalcha keessa galchuu barbaadda?

 © 2019 MentorLink International

Yesuus egeree mootummaa Waaqayyoo guutummaatti balaa fudhate—tarsiimoo isaa keessattikan koo fi kan kee danalatee. Yesuus itti yaadee geggeessitoota irratti xiyyeeffachuun isaa baay'ee cimaa ture. . . eenyutu itti yaadee geggeessitoota irratti xiyyeeffate . . . eenyutu itti yaadee geggeessitoota irratti xiyyeeffate . . . ! Kakuu Haaraa keessatti kanneen fakkeenyummaa Yesuus faana bu'an jiru:

- Barnaabaas Phaawuloosii fi Yohaannis isa Maarqos jedhu: "Barnaabaasiif Phaawulos wayita ergama isaanii xumuraniin booda Yohaannis isa Maarqos jedhamu fuudhanii, gara Yerusaalemitti deebi'an. *(Ho. Erg 12:25)*
- *Phaawulos Ximotewos, Luqaas, Phirsqilaa fi Aqilaa, fi kanneen biroo heddu barsiiseera*: "Dhuga-baatota baay'ee duratti waan ana irraa dhageesse namoota amanamoo, warra kaan barsiisuufis ta'a nitti adaraa kenni." (*2 Xim 2:1-2)*
- *Phirsqilaa fi Aqilaa*n Aphiloosiin Gorsaniiru: " . . . *Phirsqilaa fi Aqilaan wayita waa'ee Aphiloos dhaga'anitti, gara mana isaaniitti isa waamanii karaa Waaqayyoo sirriitti isaaf ibsan." (Ho. Erg 18:26)*

Mee akka tasaa dabalachuu fi itti yaadanii baay'isuu Ho. Erg 19:8-10 qayyabachuudhaan yaada dhuunfaa keenyaa kennuu itti haa fufnu. Inni kun seenaa Macaafa qulqulluu Gorsa Phaawulos Efesoon keessatti galama Xirositti taasisee dha.

- Ho. Erg 19:8-10 dubbisaa. wayita seenaa kana dubbistu, maaltu si haawate?
- Akka nama waldaa kiristaanaa hundeessuutti Ho. Erg 13-18 keessatti tarsiimoon Phaawulos attam ture isa kutaa kana irraa adda kan ta'e? Attamittiin Phaawuloos isa gara bitaa irraa geggeessaa baay'isuu isa gara mirgaatti darbe?
- Akka lakkoobsa 10tti bu'aan tajaajila Phaawuloos Efesonitti taasisee maalfaa ture? Attamittiin kun waldoota kiristaan 7n Mul'ata Yohaannis 2-3 keessa jiru waliin wal fakkaata?
- Yaadaan oofamuudhaan, Lallaba Galma Xiroos isa yaadni lakkoobsa 10-iira jiru akka ta'u taasise, keessatti guyya guyyaatti maaltu ta'uu danda'a ture? Kun attamittiin tajaajila Gorsaa baay'isuu ati har'a qabduuf fakkeenya ta'uu danda'a?

Gaaffilee itti fufee jiru xumuri:

- Yesuus yookaan Phaawulos tuuta geggeessitoota qopheessuu yaalanii beekuu? Maaliif yookaan maaliif hin ta'u?
- Waldaa kiristaanaa warra wangeelaa bara har'aa keessatti, gegeessaa isa kamtu xiyyeeffannaa caalu argate: gegeessaa isa eda'u, moo geggeessaa isa baa'yisu? Fakkeenya lama kennuudhaan deebii kee ibsi.
- Yaada kanatti walii gali yookaan walii galuu diduudhaan deebii keef ibsa kenni: Yoo geggeessaan itti yaadee geggeessaa geggeessitoota qopheessu hin qopheessu ta'eef, inni yookaan isheen Kiristoosii fi fakkeenummaa isaa hordofaa hin jiran.

 © 2019 MentorLink International

Dudhaan Baay'isuu/heddummeessuu attamittiin akka geddarame ... gad fageenyaan ilaaluu

Garee keessan isa xiqqaa keessatti gaaffilee waa'ee geddaramsa dudhaa kana mari'adhaa:

1. Akka walii-galaatti waa'een geddaramsa dudhaa kun maalii dha? Jechoota ofii keetiin ibsi.

2. Akka madaallii keetti waa'ee geddaramsa dudhaa kanaa ilaalchisee aadaan geggeessaa biyya kee keessaa maal fakkaata?

3. Biyya kee keessatti geddaramsi dudhaa kun akka bakka hin geenyeef danqaa cimaan maalii dha?

Dudhaa Haaromsaa #5 Of-Madaaluu

Dudhaalee haaromsaa armaan gadii kana keessatti yaada kee keessatti, dudhaalee fi hojii kee keessatti eessa akka jirtu madaali. Yaadota lamaan kennaman ilaalchisee lakkoobsa bakka ati jirtu ibsuu danda'utti mari. Fakkeenyaaf: yoo yaadni gara bitaa jiru caalaatti kan si ibsu ta'eef "1"tti mari; yoo inni gara mirgaa jiru immoo kan si ibsu ta'eef "10"tti mari; yoo immoo giddu-galeessa kan jirtu taateef "5"tti mari. Akkasumas gaaffii yaada ibsachuu armaan gadiifis deebii kenni.

Akka tasaa Eda'uu irraa	… gara…	Itti Yaadanii Heddummeessuu
Namoota lakkoobsaan hedduu ta'an booji'uu fi guddisuun abjuu kooti. Isaan to'achuun barbaada.	***Mul'ata Baay'isuu*** *1-2-3-4-**5**-6-7-8-9-**10***	Mul'atni koo geggeessitoota sochicha adeemsisuu fi hogganuu danda'an baay'isuudhaan namootni hedduun gara Kiristoos akka dhufanii dha.
Tajaajilli nama tokkoo lakkbsaan guddachuun isaa milkaa'ummaa tajaajilaa keessatti isa baay'ee barbaachisaa dha.	***Lakkoobsa irratti xiyyeeffachuu*** *1-2-3-4-**5**-6-7-8-9-**10***	Namootni bu'aa buusuu danda'an lakkoobsaan xiqqoo ta'an fuula duratti namoota baay'isuudhaaf murteessaa dha.
Gegeessitoota ka'aa jiran barsiisuudhaaf yeroo, oogummaa, fi fedhii hin qabu. Ani baay'ee ko'eessa/yeroo hin qabu	***Barsiisuuf dursa kennuu*** *1-2-3-4-**5**-6-7-8-9-**10***	Milkaa'ummaa yeroo dheeraatiif murteessaa waan ta'eef, geggeessitoota ka'aa jiran barsisuun anaaf isa dursaati.
Tajaajila koo dabarsee namoota kan biraatti akka hin kenninetti ani kennaa kootiin hojjechuutti baay'een gammada.	***Tajaajila Fiixaan baasuu*** *1-2-3-4-**5**-6-7-8-9-**10***	Geggeessitootni reefa ka'aa jiran mul'ataniif argamuun isaanii gammachuu koo waan ta'eef ofii kootii waanan gochuu qabu tokko tokko aarsaan taasisa.
Nuti yeroo baay'ee tajaajila keenya akka geggeessaniif namoota barumsa Macaafa qulqulluu qaban yookaan immoo namoota kan birootti dimma baana.	***Hoggansa Qopheessuu*** *1-2-3-4-**5**-6-7-8-9-**10***	Nuti guutummaa namaa irratti xiyyeeffachuudhaan geggeessitoota ofii keenyaa leenjisna: Laphee, oogummaa, fi beekumsa

© 2019 MentorLink International

Karaa sagantaa leenjii hoggansummaa beekumsa Macaafa qulqulluu fi oogummaa tajaajilaa warra kaanitti ni dabarsina.	***Jijiirraa Amalaa*** ***1**-2-3-4-**5**-6-7-8-9-**10***	Waaqayyoon fakkachuudhaaf murteessaa waan ta'eef, nuti namoota ni barsiifna/leenjifna. Kun sirriitti geggeessuudhaaf ijoo dha.
We need more leaders, but I am so busy with my ministry that there is not enough time to do it	***Itti yaaduu/Kaayyoodhaan*** ***1**-2-3-4-**5**-6-7-8-9-**10***	Guddina tajaajilaaf ijoo waan ta'eef, geggeessitoota bu'aa buusuu danda'aniif itti yaadeen jireenya koo kenna.
Ani kadhatatti nana amana garuu waan ijoo hojee kootii godhachuudhaaf yeroo, humnaa, fi dandeettii waanan qabu anatti hin fakkaatu	***Kadhata Heddummachuu*** ***1**-2-3-4-**5**-6-7-8-9-**10***	Yeroo hundaa sochiin Waaqayyo inn guddaan kadhataaf deebii ta'aa jira, kanaaf kadhataan socho'uun tarsiimoo keenyaaf isa ijoo dha.

Yaada Dhuunfaa Calaqqisiisuu:

- Kanneen armaan olii keessaa isa kam irratti akka gaariitti hojjettte? Kana keessatti Waaqayyo attamittiin si jajjabeesse?
- Dudhaalee haaromsaa isa kan mootummaa dhuunfaa guddifachuu irraa gara mootummaa Waaqayyoo guddisuutti adeemuu ilaalchisee Of-Madaaluutaasiste irratti hundaa'uudhaan, waa'ee jijjiirama gochuun sirra jiruu Waaqayyo maal siin jechaa jira?
- Yaada gara bitaa jiru keessaa isa kamtu sitti cime? Sodaa maalii qabda? Mooxannoo darbe keessaa isa kamii dha? Dhiibbaaa attamiiti? Aadaa kee keessaa isa kamtu jijjiiramaaf danqaa sitti ta'e?
- Karaa keetiin qalbii jijjiirrannaa dhugaan maal fakkaata? Jireenya kee keessatti, tajaajila kee keessatti, fi akkaataa hoggansaa kee keessatti jijjiirama adda ta'e isa kam hojii irra oolchuu barbaadda?

Kutaa 3 – Oogummaa Geggeessitoota Kiristoosiin Giddu-galeessa Godhate Qopheessuu keessatti Barbaachisu

Seenaa Ofii Keetii Dubbachuu

Humna Seenaa/Sheekoo durii Dubbachuu Keessa Jiru

- Sheekoon durii aadaa addunyaa lam keessatti seenaa namaootatti himuu fi dudhaaleetti bifa gochuudhaaf akka meeshaa isa jalqabaatti itti dhimma ba'amaa jira.
- Sheekoon durii laphee, miiraa fi yaadaa, akkasumas summuu keenya kan hirmaachisuu dha.
- Dhuga ba'umsi ofii keetii(Sheekoon durii) attamitti akka Waaqayyo jireenya kee keessatti hojjechaa jiru labsii humna Wangeelaa isa amansiisaa fi yaada namaa hirmaachisuu dha

.

 © 2019 MentorLink International

Macaafa Qulqulluu keessaa sheekoo/seenaa himuuf fakkeenya kan ta'u

- **Fakkeenya Phaawuloos:** adda adda kutaalee armaan gadii keessatti, kaayyoon seenaa ofii isaatii himuu Phaawulos maalii dha? Waan hubatte kamiiniyuu bareessi.
  - ✓ Gal 1:11-2:13
  - ✓ Ho. Erg 22:1-21
  - ✓ Ho. Erg 26:1-29
  - ✓ Fil 3:4-16

Namni tokko akka fakkeenyaatti seenaa ofii isaatii haa himu

Seenaa ofii keetii dubbachuudhaaf carraa isaa fudhadhu

© 2019 MentorLink International

Dandeettii Gorsa/Leenjii Haaromsaa

I. Dandeettii Barbaachisaa Tokkoffaa: Akka itti nama Gorsitu Argattu

- **Gatii nama baasisu adda baasuu**. Namoota biroo gorsuu/leenjisuu keessatti hirmaachuudhaaf yeroo fi humna kee guutuu kennuudhaaf fedhii qabdaa? Bu'aan isaa guddaadha, garuu gatii nama baasisa.
- **Kadhata**, Ofii kee Waaqayyoof mijeessuudhaan, "Waaqayyo, ani gorsuudhaaf, leenjisuudhaaf nan fedha."
- **Dadhabinaa fi jabina** kee adda baasi.
- Namoota gorsitu keessaa warra bu'aa buusu jettu **adda baasi**. Naannoo waldaa kiristaanaa, tajaajilaa, hojii, fi olloota keetii sirriitti ilaali.
- Namoota murteessoo gorsitu hedduu isaanii waliin **hariiroo amansiisaa** qabaa dhu. Yeroo taphaa/gammachiisaa waliin qabaa dhaa.
- Yaada kadhataatiin gaaffilee kunneen of-gaafachuudhaan **namoota kunneen qoradhu**:
  - ✓ Attamittiinana namoota kunneen waliin hariiroo amansiisaa qabaachuu dana'a?
  - ✓ Isaan Kiristoosiin beekuu, hafuuraan guddachuu ni fedhuu?
  - ✓ Isaan hariiroon isaanii keessatti eessa jiru?
  - ✓ Bakki Kiristoos isaan keessaa akka ani guddisuuf natti dhageessisu maalfaa dha? Attamittiin?
  - ✓ Guddinni isaanii maalfaa barbaachisa? Waan isaan barbaachisan kunneen hubataniiruu?
  - ✓ Jireenya isaanii keessatti bakka isaan gargaarsa barbaadan keessatti gumaacha gochuu nan danda'aa? Yoo kanan hin dandeenye ta'eef, wantoota jireenya isaanii keessatti gummaachuu danda'an kanneen anaan alatti jiran nan beekaa?
  - ✓ Namoota baratanii dhaa? Jireenya isaanii keessatti gumaacha akkan taasisu ni barbaadu? Itti gaafatamummaa guddinaa fudhachuudhaaf fedhii?
  - ✓ Attamittiin namootni kunneen jireenya kootiif gumaacha gochuu danada'u? akka isaan gumaacha taasisaniif karaa nan kennaafii?
  - ✓ How can I influence without being controlling?
- Hariiroo taasisuudhaaf suuta adeemi. Wal amantaa argachuun yeroo fudhata.
- Gad of-deebisuudhaan, warra gorsituuf/leenjistuuf hariiroo gorsaa kenniif. Yoo isaan cimataniif, addumaan waa'ee hariiroo gosaa isaan waliin qabaattu maal akka fakkaatuu isaanitti (Isa armaan gadii ilaali)

II. Dandeettii Barbaachisaa Lammaffaa: Attamittiin Hariiroo Gorsaa Gootu Irratti akka Waliif galamu

- Waa'ee akkaataa ittiin hariiroon sun madaalamuu ifatti dubbadhu. Kanneen armaan gadii irratti mari'adhaa:
  - ✓ **Galma/kaayyoo** hariiroo keessanii. Waaqayyo maal akka hojjetu arguu barbaadna?
  - ✓ **Ga'een** adda adda namaa maalfaa dha? Kan warra gorfamanii? Kan warra gorsuu/leenjisuu?

© 2019 MentorLink International

- ✓ **Dhimmoota/mata-dureewwan** keessatti hammataman (Dadhabii/jabina ofii keetii madaaluu dabalachuudhaan)
- ✓ **Wantootni itti dhimma ba'aman** maalfaa dha? (Meeshaalee, namoota biro, muuxannoo, fi kkf)?
- ✓ Attamittiin waliit fufiinsaan wal arguu dandeenya?
- ✓ **Rakkooleen** nuti shakkinuu fi dhabamsiisuu dandeenyu maalfaa dha?
- ✓ **Karoora xumuraa**: Hariiroon keenya kan itti fufuu fi gad fagaachuudhaaf waggoota kan fudhatu akka ta'e kan amannu yoo ta'ellee, yeroo hariiroon gorsa keenyaa inni seera qabeessa ta'e gara gulantaa itti aanuutti darbuun kan isa barbaachisu akka ta'e attamittiin barra?

- Madaalliiwwan kunneen irratti waliif galuudhaan, irratti kadhachuudhaaf yeroo fudhadhaa.
- Fuula duratti dogoggorri wal-hubannaa akka hin uumamneef, walii-galtee lamaan keenyaa barreeffamaan kaa'uun barbaachisaa dhaa?

© 2019 MentorLink International

III. Dandeettii Barbaachisaa Sadaffaa: Attamittiin Waamichii fi Fedhiin nama Gorfamuu akka Beekamu:

- Kadhadhu. Laphee/keessa namaa Waaqayyo qofti waan beekuuf, Inni eessa akka ta'ee fi attamitti akka hojjettu sitti argisiisa.
- Ofii kee sammuu hojjetaa akka qabaatu taasisi. Amala yookaan isa kan ofii keetii itti dabarsuu of irraa fageessi. Kaayyoon keessan walii keessanii fi kaayyoo Gooftaan jireenya keessan keessaa qabu tajaajiluu dha. Kana jechuun, laphee/yaada namootaa baruu, guddin isaaniif sirriitti maal akka barbaachisu adda baasuu, fi jijjiirama dhugaa akka fiduuf Kiristoosiin amanachuu.
- Hariiroo, hariiroo, hariiroo yaadi. Hariiroo kee cimsachuudhaan yeroo keessa immoo hariiroo isaanii isa murteessaa ilaali.
- Addumaan amaleeffannaa yookaan akkina ilaali. Deddeebi'ee akka hin mul'atneef maaltu dhorka? Fakkenya: Namni tokko namoota biratti amala ol-aantummaa fi waa hubachuu dandhabuu argisiisuu danda'a.
- Akka namni waa baruuf fedhiin ati qabdu gaaffilee dursee dhuunfaatti namni waa'ee ofii isaa akka yaaduu fi madaalu isa taasisu gaafachuudhaan akka mul'atu taasisi.
- Jireenya adda adda namaa keessatti waamichii fi disaayinii (saxaxi) Waaqayyoo maalii dha? Inni hojii Waaqayyoo hojjetee dha.
- Bifa dhaabbataa ta'een sirriitti dhaggeeffadhu.
- Xiinxali: eessatti jireenyi keenya wangeela waliin wal hin simu? Wanti nuti Waaqayyoon hin amanatin maalii dha? Waa'ee jireenya keenyaa, Waaqayyoo, ofii keenyaa, fi hojii keenyaa wanti nuti soba amannu maalii dha? Miiraa fi yaadni keessa keenyaa nu dhiibu maalfaa dha?

IV. Dandeettii Barbaachisaa Afuraffaa: Akkaataa itti Gorsitootni Argaman

- Akka Waaqayyo gorsitoota siif kennuuf kadhataan gaafadhu.
- Nama barachuu danda'u. Guddinaa fi jijjiirama Waaqayyo yaada isaa keessaa siif qabuuf ati dhugaatti qophaa'aadhaa?
- Bakka itti tumsi/gargaarsi si barbaachisu adda baafadhu.
- Kanneen gorsitoota ta'uu danda'an yaada isaanii keessa buusi (warra itti amantu maqaa isaanii gaafadhu).
- Namoota hariiroon akka jiraatu taasisan waliin yeroo fudhadhu.
- Yaada kadhataatiin, gaaffilee armaan gadii of-gaafachuudhaan, warreen kaan qoradhu:
  - ✓ Nuti Gooftaa jaallachuudhaan isa waliin ni adeemnaa?
  - ✓ Hariiroon keenya inni ol aanaan tooraan jiraa? (Haadha-manaa/abbaa-manaa, Ijoollee, Waldaa Kiristaanaa, Olloota, Hidhata-hojii fi kkf.)
  - ✓ Naannoo jireenya keenyaa isa gargaarsi nu barbaachisu irratti gumaacha gochuu dandeenyaa?

© 2019 MentorLink International

- ✓ Nuti namoota baratanii dhaa? Jireenya walii-walii keenyaa keessatti gumaacha akka taasisnuuf ni iyyamnaa?
- ✓ Waa'ee walii keenyaa ilaalcha gaarii yaada keenya keessaa waliif qabnaa?
- ✓ Walii keenya ni amannaa?
- ✓ Nuti dhugaatti geggeessitoota namootaaf hojjetanii dhaa(yookaan nuti warra olaantummaa argisiisanii dha)?
- ✓ Itti gaafatamummaa gorsuu/leenjisuu fudhachuudhaaf fedhii qabnaa?

▪ Warreen kaan akka si borsaniif hafeeri. Yoo namni sun itti waliif galeef, madaallii hariiroo gorsaa irratti waliif galaa (Dandeettii lammaafaa armaan olii ilaalaa).

Kutaa 4 – Sochii Hogganaa Kiristoosiin Giddu-galeessa Godhate Qopheessuu Keessatti Waaqayyoo wajjin waliif galuu

Fo'aa jireenyaa fi tajaajila isa Waaqayyo keessatti si hirmaachise walitti fiduun amma yeroo isaa ti.

Galmi xumura lenjii *Kan Biraatti Dabarsuu*! akka isin *Karoora Raawwii* bakka amma jirtanii gara bakka ga'uu barbaadaniin isin ga'u akka qabaattanii dha. Gana gochuu keenya dura garuu, mee waa'ee sochii gorsuu/leenjisuu fi attamitti inni kun nuyii fi warra geggeessinu irratti dhiibbaa akka fidu waan Macaafni qulqulluun jedhu haa ilaallu.

Sochii Waaqayyoo isa Macaafa qulqulluu keessaa fi Sochii har'a jiru

Fakkeenya Muraasa Sochiilee Kakuu Moofaa fi Kakuu Haaraa keessaa Jiran:

Sochiilee Kakuu Moofaa

- Iyaasuu
- Daawwit
- Asaa/Izqiyaas/Yosiyaas
- Iziraa/Nehimiyaa
- Asteer/Mordekaayi
- Daani'eelii fi hiriyyoota isaa

New Testament Movements

- Yohannis Cuuphaa/Yesuus
- Samaariyaa (Yoh 4 fi Ho Erg 8)
- Yerusaalem (Ho Erg 2)
- Tajaajila Phaawulos waldaa kiristaanaa hundeessuu
- Efeeson (Ho Erg 19:8-10)
- Tasaloniiqee (1 Tas 1:7-8)

Sochii Fakkeenya namicha sanyii facaasuu/lafa: Mat 13:18-23

Fakkeenyi kun yeroo baay'ee akka wangeela babal'isuutti barsiifama. Garuu asitti waan Yesuus nuun jedhu dhga'uuf fedhii haa qabaannu:

Egaa fakkeenyi namicha sanyii facaasuu maal akka jechuu akka ta'e dhaggeeffa dhu: Wayita namni tokko ergaa waa'ee mootummaa Waaqayyoo dhaga'ee, isa hin hubatin hafutti, hafuurri hamaan dhufee isa garaa/laphee isaa keessatti faca'ee ture sana butata.Inni kun sanyii isa karaa qarqaratti faca'ee dha. Inni sanyii isa isa dhagaa irra bu'e fudhate sun, nama isa dubbicha tokkichumaan gammachuudhaan fudhatee dha. Garuu erga idda gad fagoo hin qabu ta'ee,

 © 2019 MentorLink International

yeroo gabaabaa qofaaf jiraata. Sababii dubbichaaf wayita rakkinni yookaan ari'atamni dhufutti, dafee ni goga. Inni sanyii isa qoraattii gidduu bu'ee immoo nama isa dubbicha dhaga'ee, garuu yaaddoon jireenyaa fi gowwomsaan horiin hudamee, ija utuu hin godhatin hafuu ti. Sanyiin inni lafa gaarii irra bu'ee garuu nama isa dubbicha dhaga'ee hojii irra oolchee ti. Inni ija dachaa dhibba, jaatama yookaan soddoma godhate.

- Rakkooleen lafti warra sadeenii qabanii maalfaa ture? Wantoota sochii yookaan guddina akka hin eegalleef gufuu nutti ta'an waliin maal qaba?

- Lafti inni afuraffaa attamittiin sochii bakka bu'a? Yesuus maaliif bu'aalee garaa garaa dubbata jettee yaadda?

- Fakkeenya kana irraa, waa'ee sochii yaada biraa maal qabda?

© 2019 MentorLink International

Garaagarummaa *Dhaabbataa* fi *Sochii* gidduu jiru

Garee keessan keessatti, garaa garummaa dhaabbataa fi sochii gidduu jiruu fi wantoota argitan hunda barreessaa. Yaada kee akka eegaltuuf yaadotni hedduun armaan gaditti siif barreeffamanii jiru:

Dhaabbata	**Sochiilee**
1. Sagantaalee 2. Baay'inni baay'ee murteessaa dha 3. Hoggansa olii gara gadiitti 4. Dhaabbattummaa 5. Kanneen biroo: Yaada kee gaditti barreessi	1. Hariiroo 2. Sadarkaan qulqullinaa baay'ee murteessaa dha 3. Hoggansa hundeerraa gara oliitti 4. Lubbu-qabeessa (Isa jiraataa) 5. Kanneen biroo: Yaada kee gaditti barreessi

Yaadota Xumuraa Sochii Macaafa Qulqulluu Keessa Jiru Irratti…

- Kadhannaadhaan Waaqayyoon Eeggachuu keessa dhaabachuu:
  1) Ho. Erg 1:4 gara Ho. Erg 2:1-47 (lakkoobsa duuka-buutota Kiristoos heddummeessuu)
  2) Ho. Erg 12:5 gara Ho. Erg 12:6-17 (Furee waaqa irraa karaa hojjetaa Waaqayyoo isa dhiphatee)
  3) Ho. Erg 13:1-3 gara Ho. Erg 13:4-14:28 (Waldaa Kiristaanaa Heddummeessuu)
- Geggeessitoota murteessoo gosa lamaan geggeeffamuu: Dorgomtootaa fi Toosistoota:
  4) Asteerii (dorgomtuu mul'attuu) fi Mordeekaayi (toosisaa hin mul'atne)
  5) Nehimiyaa (dorgomaa mul'ataa) fi Iziraa (toosisaa hin mul'atne)
  6) Yesuusii (dorgomaa mul'ataa) fi Yohaannis cuuphaa (toosisaa hin mul'atne)
  7) Phaawuloosii (dorgomaa mul'ataa) fi Barnaabaas (toosisaa hin mul'atne)
- Yeroo hedduu dhaloota lama caalaadhaaf kan hin turre:
  8) Musee fi Iyaasuu, isa booda Motota 2:10
  9) Daawitii fi Solomoon, isa booda 1 Mot 11
  10) Efeeson 19:8-10 (Waldaa Kiristaanaa haaraa) fi Mul. Yoh 2:1-7 (waldaa kiristaanaa dhaloota lammaffaa)

Dhumatti, sochiin biyyaa fi haala tajaajila kee keessatti maal akka fakkaatu garee keessan isa xiqqaa keessati, barreessuudhaan ibsaa:

© 2019 MentorLink International

Meeshaa “Laphee-1-2-3”

Namoota hariiroo gorsaa garaa garaa keessatti si mudachuu danda’an yaadi:



© 2019 MentorLink International

Toora Eegaluuf Barbaachisu

Eegaluudhaaf toora eegaluu yaadaman kunneen dubbisi.
Waan caqastee fi yaadatti qabattee bakka gara mirgaa jiru keessatti barreessi.

1. **Kadhachuudhaan** gorsuudhaaf akka of-qopheessite Waaqayyotti himi. Filannoo kee keessatti oogummaa akka siif kennuuf Isa kadhadhu. - Luq 6:12,13. Tokkoon tokkoo toora armaan gadiif kadhannaan isa ijoo dha.

2. Gorsuudhaaf, namoota armaan dura barreessite keessaa tokko yookaan lama **filadhu.** “warra amanamoo” barbaadi. - 2 Tim. 2:2; Luq 16:10-12

   Hub: Ofii kee gararraatti akka hin yaadneef eeggadhu. Gorsuun hariiroo keessatti cimaa fi yeroo gan gaafatuu dha

3. **Hariiroo** kee cimsachuudhaaf, jireenya kiristaanummaan fakkeenya ta’uu, fi guddinaaf waan isaan barbaadaniif hubannaa argachuudhaaf warra gorsitu waliin **yeroo** fudhadhu. - 1 Tas. 2:7-12
   - Isaan waliin ta’ii. Bakka hojii fi mana adda adda isaanii dhaqi
   - Wantoota gammachiisoo ta’an waliin hojjedhaa
   - Akka tajaajilaniif of-duukaa adeemsisuudhaan “isaan Cimsi”
   - Seenaa dhuunfaa ofii keetii isaaniif qoodi

4. Akka gaariitti isaan dhaggeeffachuu fi gaaffilee jajjaboo isaan gaafachuudhaan **laphee/yaada isaanii argadhu.** Addumaan hariiroo isaanii keessa bifa gaarii hin taane ilaali.

   Hub: Dudhaalee Haaromsaa naannoo hariiroo jiran yaadatti qabadhu.

5. Jireenya isaanii keessaa wantoota murteessoo isaan barbaachisuuf deebii Waaqayyoo barbaaduudhaaf **Sagalicha waliin qayyabadhaa**.

6. Tajaajila isaanii keessatti **kennaawwan hafuuraa** isaanii akka adda baafatanii fi itti dhimma ba’aniif isaan gargaari.

7. Jireenya isaanii keessatti **waamichaa fi mul’ata tajaajilaa** Waaqayyo itti isaan waame akka adda baafataniif isaan gargaari.

8. **Bakka dadhabbii ofii isaanii** kanneen waamicha isaanii fiixaan baasuu fi kennaawwan hafuuraa isaaniitti fayyadamuu keessatti isaan mudachuu danda’an, adda baafatanii akka guddataniif isaan gargaari.

   Hub: Yoo ofii keetii naannoo sana irratti cimaa miti taateef, namoota biroo jireenya warra ati gorsituu keessatti gumaachuu danda’an waliin walitti fidi

© 2019 MentorLink International

9. Waan Waaqayyo isaanitti mul'suuf itti gaafatamummaa akka fudhataniif isaaniif kenni. Si utuu hin taanee, mata-duree (ajandaa) Waaqayyoo, kan isaan **itti gaafatamummaa** itti fudhachuu qaban akka ta'e yaadadhu.

10. Erguma yeroon gorsaa dhaabbataa ta'e sana xumurteellee, kadhata, jajjabina, yaada fudhachuu fi **hiriyyummaa** itti fufuuf argami.

© 2019 MentorLink International

Karoora Raawwii

Tibana kana keessatti ergaan baay'ee barbaachisaan Waaqayyo jireenya keetti dubbate maalfaa dha?

1.

2.

3.

Kanneen akka dhuunfaa keetti akka hojjettuuf Waaqayyo sitti hime hojii irra akka hin oolchineef wanti jalqaba irratti danqaa sitti ta'u maalfaa dha?

1.

2.

3.

Gorsaa kee isa waaqa irraa, Hafuura qulqulluu wajjin walii galuudhaan, jireenya gorsaatti guddachuudhaaf/eegaluudhaaf wantootni siif xiyyeeffannaa ariifachiisaa barbaadan maalfaa dha?

1.

2.

3.

Hariiroo gorsaa cimaan ati qabdu maalfaa dha (miseensota maatii dabalatee)?

- Garee (wwan) gorsaa: _____ _____
- "Ximotews": _____ _____
- "Phaawuloos": _____ _____

Gorsatti guddachuu eegaluudhaaf yookaan namoota kunneeniin gorfamuudhaaf wantoota hedduu gochuu dandeessu tarreessi:

1.

2.

3.

© 2019 MentorLink International

Amma egaa namoota biroo garee dhaabbataa yookaan tajaajilaa kee keessaa waliin walitti qabamaa. Itti yaaduudhaan deebii kanneen itti fufanii jiranii barreessi:

Tibana kana keessatti ergaan dhaabbata keetiif baay'ee barbaachisaan Waaqayyo jireenya keetti dubbate maalfaa dha?

1.

2.

3.

Akka geggeessitootaatti kanneen Waaqayyo isinitti hime hojii irra akka hin oolchineef wanti jalqaba irratti dhaabbata keessan keessaa danqaa isinitti ta'u maalfaa dha?

1.

2.

3.

Gorsaa keessan isa waaqa irraa, Hafuura qulqulluu wajjin walii galuudhaan, gara naannoo gorsaaf ta'uttu adeemuudhaaf/ta'u guddisuudhaaf wantootni isiniif xiyyeeffannaa ariifachiisaa barbaadan maalfaa dha?

Dhaabbata keessan keessatti ciminaan gorsuu eegaluudhaaf yaadotni hedduun dhaabbatni keessan gochuu danda'u maalfaa dha?

1.

2.

3.

© 2019 MentorLink International

Wantoota MentorLink Qabu Kanneen Biroo

GEGGEESSITOOTA YESUUSIIN HORDOFAN

Muujuliin kun seensa muujuloota kanneen biro ti. Kiristaanota waldaa kiristaanaa, ministirii garaa garaa, dhaabbata kiristaanotaa, fi bakka daldalaa keessa hojjetaniif kan yaadamee dha. Yaadni isaa geggeessitootni geggeessitootni gosa hoggansaa dhaabbata isaanii keessatti barataman madaaluudhaan, isa kan Kakuu Haaraa wajjin akka wal faana adeemsisaniif gargaaruudhaaf. Muujulii kana keessatti, hirmaattotni yaada bu'uuraa fi adeemsa barachuu, isa leenjii Mentorlikn sababii ta'e akka hubataniidhaaf.

AKKA YESUUSITTI GEGGEESSI

Addunyaa kana keessatti fakkeenyummaan hoggansaa ifaa dha. Yesuus garuu mootummaa isaatiif duuka-buutota isaa gara fakkeenyummaa hoggansaa adda ta'etti waame. Muujuliin kun dhugaa kana baruudhaan jireenya, hoggansaa, fi gorsa keessan keessatti itti fayyadama isaa hojii irra oolchuu akka eegaltaniif gareen kee fi siin gargaara.

MOOTUMMA ISAA IJAARI

Yesuus mootummaa isaa lallabaa dhufe. Mootummaan isaa jireenya ammaa fi isa dhufu keessatti dhugaa isa dhumaa ti. Haa ta'u malee, utuu miirrii fi wanti isaan itti fayyadaman mootummaa Isaan mormuu, mootummicha akka waan ijaaraa jiraniitti yaaduudhaan, hedduun bulchiinsa isaanii ijaarratu. Muujuliin kun garaa garummaa mootummicha ijaaruu fi hogganaa bulchiinsa ofii isaatiif mijeeffatu gidduu jiru arguuf garee kee fi siin ni gargaara. Muujuliin kun akkasumas waa'ee hubannoo kanaa ilaalchisee warreenn kaan gorsuudhaaf si gargaara.

IFA BARA-BARUMMAA KEESSATTI HOGGANUU

Yesuus attamittiin geggeessitoota warra isa tajaajilan akka madaalu waan jedhu hedduu qaba ture. Akkasumas waa'ee geggeessitoota sobaatiif dubbii jajjabaa hedduu qaba ture. Yesuus warra amanamummaadhaan Isa tajaajilan akka badhaasu abdachiiseera. Muujuliin kun geggeessitootni ilaalcha bara-baraa kana qabaachuun fayidaa dhuunfaa inni isaaniif qabu akka hubataniif isaan gargaara.

NAANNOO AYYAANAA MIJEESSUU

Akkaataan itti nuyi namoota gorsinuu fi gargaarru hubannaa nuyi waan Kiristoos nuuf hojjetee fi nu keessatti hojjete irraa madda. Muujuliin kun badhaadhummaa fi gad fageenya wangeela ayyaanaa, fi hoggansaa fi gorsa isaanii keessatti itti fayyadama isaa akka hubannaa gad fagoo akka qabaattaniif garee kee fi siin ni gargaara.

GAMTOOMINA AKKA HOGGANTOOTAATTI BARBAACHISU

Yesuus warra filate gorsaa fi isaa faana ture. Phaawulos yeroo hunda nama isa faana hojjetuu waliin ta'uudhaan, adeemsa sana keessatti isa gorsaa ture. Muujuliin kun haala waliin hojjechuu fi hawaasummaa keessatti hojii hogganuu fi gorsuu akka horataniif garee kee fi siin ni gargaara.

© 2019 MentorLink International

HOGGANOTOOTA YESUUSITTI QABATANII JIRAATAN

Dubbiin Yesuus gara dhumaatti bartoota isaatti dubbatu, “Anatti Qabadhaa Jiraadhaa” isa jedhu ture. Ergamaan Yohaannis akkas jechuudhaan barbaachisummaa kanaa dubbatee ture, “Namni ani kan Yesuus ofiin jedhu karaa inni irra adeeme irra adeemuutu isaaf ta’a”. Muujuliin kun gorsitootnii fi gareen gorsitootaa adeemsa ofii isaaniitii Yesuusii wajjin qaban akka ilaalaniif balbala isaaniif bana. “Giddu-gala” kana irraa kan ka’een kan nuti Ilma isaa fi walii keenya waliin tokkummaa qabaannuuf. Akkasumas kan nuti mootummaa isaaf ija godhannuuf kana irraa kan ka’ee dha.

KAKUU HOGGANTOOTAA

Yesuus waa’ee waan geggeessitoota isaa irraa barbaaduuf ifaa dha. Kana booda, inni Gooftaa dha! Barsiisaa fi fakkeenyummaa Yesuusii fi kan Ergamootaa isa salphaa fi ifaa ta’e akka hin dhabneef Kakuun kun jecha salphaa ta’een kaa’eera. Yeroo gabaabaatti daftee keessa ba’uu ni dandeessa, akkuma barreeffama gaazexaa daqiiqaa shanii gaditti dubbisuu dandeessa yookaan sa’aatotaaf qayyabachuu ni dandeessa. Geggeessitoota kanneen akka Yesuusitti geggeessuu barbaadan hundaaf qabeenya dhimma baasuu dha.

GORSAA ARGADHU … GORSAA TA’I!

Gorsaa argchuu fi gorsaa ta’uudhaaf mar-sariitii Mentorlink irra galmaa’uu ni dandeessa. Pirojektii Gilobaal Menteringii ilaaluudhaaf gara www.MentorLink.org dhaqi.

The Global Mentoring Project

Odeeffannoo Dabalataatiif

MentorLink INTERNATIONAL

www.mentorlink.org ilaali

© 2019 MentorLink International